# QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII LAGUUF LAGANNAA FUUDHAAF HEERUMAA: GODINA ARSII AANAA LEEMMUUF BILBILOO

**ROWDAA BAKAR KADIIRIITIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKILARIITIIF DHIYAATU KOLLEEJJII NAMUMMAA, QORANNOO AFAANII, GAAZEXEESSUMMAAFI QUUNNAMTII**

**GORSAA: Dr. ADDUNYAA BARKEESSAA**

**EBLA, 2025**

**FINFINNEE**

# Qaaccessa Fayyadama Afaanii Laguuf Lagannaa Fuudhaaf Heerumaa: Godina Arsii Aanaa Leemmuuf Bilbiloo

**Qorattuun: Rowdaa Bakar**

**Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Gamisaan Guuttachuuf Qophaayee Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fokilooriitiif Dhiyaatu**

**Kolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanii, Gaazexeessummaafi Quunnamtii**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Gorsaa: Dr Addunyaa Barkeessaa**

**Ebla, 2025**

**Finfinnee**

# YUUNIVARSIITII FINFINNEE

# DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOKLOORII ITTIIN GUUTTACHUUF ROWDAA BAKAR MATA DUREE "QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII LAGUUF LAGANNAA FUUDHAAF HEERUMAA GODINA ARSII AANAA LEEMMUUFI BILBILOO" SADARKAA ULAAGAA YUUNIVARSIITIIN KAA'E GUUTEERA.**

**KOREE QORMAATAA**

| | | |
|---|---|---|
| ______________________ | ______________ | ____________ |
| MAQAA QORAA ALAA | MALLATTOO | GUYYAA |
| ______________________ | ______________ | ____________ |
| MAQAA QORAA KEESSAA | MALLATTOO | GUYYAA |
| ______________________ | ______________ | ____________ |
| MAQAA GORSAA | MALLATTOO | GUYYAA |

______________________________________________________________

DURA BU'AA MUUMMEE YKN QINDEESSAA SAGANTAA EEB-BOODAA

## Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta’uufi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta’uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa galchuu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: **Rowdaa Bakar**

Mallattoo __________

Guyyaa __________

**Waraqaa Mirkaneessaa Gorsaa**

Qorattuun Rowdaa Bakar waraqaa qorannooshee ulaagaa qorannoo eegdee qopheessuusheefi ifirraa faccisuuf muummeef galchuu akka dandeessu ani gorsaan mallattoo kootin mirkaneesseer.

Maqaa Addunyaa Barkeessaa (Ph.D)

Mallattoo____________

Guyyaa____________

## *Axereeraa*

*Qorannoon kun kan adeemsifame itti fayyadama afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heeruma Oromoo Godina Arsii Aanaa Leemmuuf Bilbiloo irrattidha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon itti fayyadama Afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa ilaalchisee Oromoo Aanaa Leemuuf Bilbiloo biratti mul'atu addaan baasuun ibsuufi. Akkasumas maqaafi gochoota fuudhaaf heeruma keessatti lagataman addaan baasuufi gahee fayyadamni afaanii kun hariiroo hawaasummaa keessatti qabu addaan baasuun barreeffamaan qindeessuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf malli qorannoo hojiirra oole mala qorannoo akkamtaati. Isa kana galmaan gahuuf mala filmaata iddattoo kaayyeffataa bu'uura godhachuun odeeffannoon barbaachisaa ta'e madda ragaa jalqabaarraa waliti qabameera. Maddi ragaa jalqabaa maanguddoota fayyadama afaanii lagannaa maqaafi gochoota fuudhaaf heerumaarratti hubannoo gahaa qabaniidha. Ragaaleen kunniinis karaa meeshaa funaansa odeeffannoo af-gaaffiifi marii gareen funaaname. Maqaaleefi gochaaleen kun kan lagatamaniif kabajaaf, xiinsammuu namaa eeguufi jaalala nama barsiisuufidha. Kun irracaalaatti jiraattota baadiyyaa biratti yeroo ammaallee kan mul'atuudha. Kanas garee hawaasaa jiran keessaa maanguddoonniifi dubartootni kan itti fayyadaman yoo ta'an dargaggootaafi shamarran biratti fayyadamni kun gadaanaadha. Namoonni muraasni yeroo akkaataa aadaa/duudhaa hawaasichaa hin eegin yeroo fayyadaman ni mul'atu. Kunis sababa aadaa biraa/qaroomina of fakkeessuun yeroo kan hawaasichaa dhiisanii gara biraatti harkifaman ni mul'atu. Kunimmoo waliin jireenya hawaasaa irratti dhiibbaa uumeera. Waan kana ta'eef aadaa ofii wallaaluun eenyummaa ofii wallaaluu waan fiduuf dhaloonni ammaa aadaa sabasaa kunuunsee dhaloota dhufuuf dabarsuuf dirqama isarraa eegamu bahuufi qaamni dhimmi ilaallatu hundi xiyyeeffannoo guddaa itti kennuu qaba.*

.

## Galata

Waandura Rabbii bu’aa bahii hunda keessa na dabarsee asiin nagaye guddiseen galateeffadha. Itti aansuun gorsaa koo Dr. Addunyaa Barkeessaa nuffii tokkoon ala deeggarsa na barbaachisu hundaa naaf gochuun qorannoon koo kallattii sirriin akka qindaa’u na gargaareef galanni koo guddaadha.

Akkasumas maatii koo gargaarsa hundaa naaf godhaniif guddaa galatoomaa umrii arraagessaa jiraadhaa jechuun barbaada.

Dabalataanis abbaa manaakoo galmagahiinsa qorannoo kanaaf hamilee naaf kennuun najajjabeessee deeggarasa maallaqaafi humna namaatiin na waliin dabarseefi akkan hojjedhu na taasiseen ulfaadhu jechuun barabaada. Dhumarratti namoota deeggarsa naaf godhan hundaan baay’ee galatoomaa horaa bulaa deebanaa.

Baafata Fuula


BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1. ARIIRRATA ..... 1

*1.2. Ka'uumsa qorannichaa* ..... 3

1.3. Gaaffilee Qorannichaa ..... 4

1.6. Daangaa qorannoo ..... 5

*1.6 Ibsa Naannoo* ..... 5

1.6'1. Haala Waliigala Aanaa ..... 5

1.6.2 Taa'uumsaa fi Bal'ina Lafaa ..... 6

1.6.3 Haala Qilleensaa ..... 6

1.6.4 Haala Ummataa ..... 6

1.6.5 Afaan Ummanni Aanicha Itti Fayyadamu ..... 6

1.6.6 Haala Diingdee ..... 7

1.6.7 Haala Hawaasummaa (barnoota) ..... 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII ..... 8

2.1. Maalummaa Afaanii ..... 8

2.2 Faayidaa fayyadama afaanii ..... 9

2.4. Safuufi safeeffannaa ..... 12

2.5. Laguu ..... 13

2.10. Balballoomsa fayyadama afaanii ..... 19

2.11. Walitti dhufeenya afaaniifi eenyummaa ..... 20

2.13. Sakatta'a barruu walfakkii ..... 21

BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA ..... 23

3.1. Saxaxa Qorannichaa ..... 23

3.2.1. Irraawwatamaa ..... 24

3.2.3. Iddattoofi iddatteessuu ..... 24

3.2.4. Meeshaalee funaansa ragaalee ..... 26

3.2.4.1. Afgaaffii ..... 26

3.2.4.2. Xiyyeeffannoo marii garee ..... 27

3.3. Mala qaaccessa ragaa ..... 27

BOQONNAA AFUR: DHIYEESSUUFI QAACCESSA RAGAALEE ..... 28

4.1. Seensa ........................................................................ 28
4.2. Fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa kan bakka bu'an ........................ 28
4.2.5 .Maqibsoota maqaalee bakka bu'an ........................................................ 32
4.3 Maqaafi gochootaa fudhaafi heerumaa keessattii lagataman ................................ 32
4.3.1 .Laguu adeemsaa milkii ilaallannaa ...................................................... 33
4.3.1.1. Nama tokko ta'ee karaatti itti dhufu ................................................. 33
4.3.1.2 Dubartii hubboo duwwaa baattee bishaan waraabuu deemtu .................................. 33
4.3.1.3 Durbatii daaraa hartu yookiin jigsitutti dhufuu ........................................ 34
4.3.1.4 Kurupheen Qaxxaamuruu ................................................................. 34
4.3.1.5 Jeedalaa fi bofaa qaxxaamuuramuu ...................................................... 34
4.3.1.6 Harree gangalattutti dhufuu yookaan arguu .............................................. 34
4.3.1.7 Lagannaa Gosa warraa walfuudhanii ...................................................... 34
4.3.1.8 Lagannaa gurbaa fi intalaa walfuudhan ................................................... 35
4.3.1.9 Lagannaa guyyaa cidhaan duraa jiru ..................................................... 35
4.3.1.10 Laguu gaafa guyyaa cidhaa ............................................................. 36
4.3.1.11 Yemmuu mana gurbaa olseentuu ........................................................... 36
4.4 Maqaalee lagataman ......................................................................... 36
4.4.1. Maqaa Abbaa warraa ykn dhirsaa ........................................................ 37
4.4 .2 Maqaa abbaa gurbaa /Soddaa/ ........................................................... 38
4.4.4. Akkoof akaakayyuu gurbaa .............................................................. 39
4.4.5 Obboleettii gurbaa ..................................................................... 39
4.4.6 Obboolewwan gurbaa ..................................................................... 39
4.4.7. Maqaa Eessuma ykn adaadaa gurbaa ....................................................... 39
4.4.8. Maqaa abbaan manaa waamuu lagatu ....................................................... 39
4.4.9 Maqaa haadhaa mana isaa ................................................................ 40
4.4.10 Maqaa abbaa Intalaa/Soddaa isaa ....................................................... 40
4.4.11 Maqaa obboleettii fi obboleessa haadha manaa isaa ...................................... 40
4.4.12 Maqaa firoottan haadha manaa isaa ..................................................... 40
4.4.13. Sirna dhofsiisaa ...................................................................... 41
4.5. Faayidaan laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa keessatti qabu ........ 42
4.5.3. Xiinsammuu eeguuf maqaalee lagataman .................................................. 44

4.6. Gahee fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa ijaarsa eenyummaa hawaasaa keessatti qabu ........ 44
BOQONNAASHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA ........ 46
5.1. Cuunfaa ........ 46
5.2. Argannoo ........ 46
5.3. Yaboo ........ 48
*WABIILEE* ........ 49
DABALEE "A" ........ 52

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

### 1.1. ARIIRRATA

Duudhaa hawaasni tokko ittiin beekamu keessaa tokko aadaadha. Aadaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti. Uummata Oromoos uummata biroorraa kan adda isa taasisu keessaa tokko aadaafi duudhaa mataa ofii qabaachuu isaati. Aadaafi duudhaa Uummanni Oromoo qabu keessaa inni tokko lagannaa fuudhaafi heerumaati. Lagannaan duudhaa hawaasaa yookaan aadaa keessatti gocha namni hin raawwanne/ maqaa kan hin waamne yookaan lagatuudha. Isaanis, gocha, maqaa nama dhuunfa, bakkaafi kkf raawwachuu/maqaa dhahuu dhiisuudha.

Maqaaleen/gochawwan fuudhaafi heeruma keessatti maqaa hin dhawamne/lagataman kunis yeroo lagataman fayyadama afaanii adda addaatiin bakka buufamanii kan ittiin waamaniifi maqaa lagatamu sana ittiin dhahaniidha. Afaan saba tokko immoo aadaa hawaasa afaanicha dubbatu sana guddisuurratti iddoo guddaa qaba. Kanaaf qorannoo kana keessatti kan qaacceffamu akka hawaasa Aanaa Leemmuufi Bilbilootti gochaalee/maqaawwan namoota fuudhaaf heeruma keessatti lagatamu, eenyu akka lagatu, maaliif akka lagatamu kan lagataman kun immoo maaliin akka bakka buufamaniifi faayidaan laguuf lagannaaan fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa cimsuu keessatti qabu maal akka ta'e haalaan xiinxalamuun kan dhihaatedha.

Aadaan ibsituu eenyummaa waan ta'eef, uummata Oromoo uummata biroorraa kan adda isa taasisu keessaa tokko aadaafi duudhaa mataasaa qabachuusaa qofa miti, akkaataa kaleessaan har'as qabatee kan itti tajaajilamu ta'uusaati. Aadaafi duudhaa sabni kun qabu keessaa inni tokko akkuma olitti kaasuuf yaalametti aadaa lagannaa fuudhaafi heerumaati. Aadaan lagannaa fudhaafi herumaa hawaasa Aanaa Leemmuufi Bilbiloo kun hammam hojiirra akka ooleefi oolaa jiru bakkatti qaaccessinudha. Lagannaan fuudhaa fi heerumaa sababa adda addaan kan namoonni adda addaa gochaa lagatan ykn maqaa walii lagataniidha. Kanaaf lagannaan kun maaliif akka ta' e, lagannaa gochaa ykn maqaa namootaa fuudhaafi heerumaa bakka buusuun fayyadaman, maalfaa akka lagataniifi amma aadaan kun maal akka fakkaatu gad fageenyaan qaacceffameera. Uummanni Oromoo safuu eeguun haala itti gochaalee/ maqaalee laguutti dhimma bahu ni beeka. Dirribiin (2016:65) akka ibsutti safuun akkaataa itti wal kabaju, waldanda'uufi waliin jireenyaati.Waliin jireenya kana keessattis uummanni seera ittiin jecha laguutti fayyadamu qaba. Seerri kunis seera safuu jedhamuun beekama. Safuun seera waaqaafi lafaati. Kanaafuu,

gochaaleen/maqaaleen kan lagatamaniif sababa safeeffatamaniif waan ta'eef dhalli namaa garaagarummaa jiru kana beekuun jiruu galmaan gahuun barbaachisaadha.

Karaa biraatiin gochaaleen/maqaan namootaa fuudhaafi heerumaa kun haalaafi yeroo adda addaa irratti hundaa'uun kan lagatamanidha. Maqaleen ykn gochaaleen kan lagataman haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo, uffannaan, bultiin jiru haalaan mul'isuuf faayidaan inni qabu ola'aanadha.

Lagannaan fuudhaaf heeruma yaada nama waliin dubbiin gaggeeffamu keessatti kan dubbataafi dhaggeeffataan walarguun odeeffannoo walirraa fudhataniidha. Akkasumas, kan isaan hubataman/mul'atan dubbataafi dhaggeeffataan kallattiin yeroo isaan walquunnamuun dubbii dubbataniidha. Kanamalees, haala dubbatameefi muuxannoo seenduubee irratti kan hundaa'edha. Namoonni yeroo lagannaatti fayyadaman haala tajaajila afaanii iddoo yookiin haala keessa jiran san beekuufi beekuu dhabuun immoo walquunnamtii gahaa taasisuurratti dhiibbaa geessisuu danda'a. Hawaasni haala adda addaa keessatti maaliif fayyadama afaanii garaagaraatiin akka dhimma bahan, fayyadamni afaanii kun tajaajila akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo, gaaffilee bu'uuraa, eenyutu, eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti hawaasni tokko aadaa mataa isaa qaba. Uummatni Oromoos uummata biroorraa kan adda isa taasisu keessaa aadaafi duudha isaati. Aadaa uummanni oromoo qabu keessaa tokko lagannaa fuudhaafi heerumaa yommuu ta'u, gochaalee ykn maqaaleen namootaa fuudhaa fi heeruma keessatti sababii safeeffatamaniif lagatamuun isaaniimmoo beekamaadha. Lagannaan akka waliigalaatti gochawwan garaagaraa lagachuufi waantoota aadda addaa maqaa dhahuu dhiisuu yommuu ta'u, laguun kunis nama dhuunfaatii kaasee hanga gareetti waanta hawaasichi akka safuutti fudhatu hunda of jalatti kan hammatudha. Haata'umalee qorannoon kun isaan keessaa lagannaa fuudhaafi heerumarratti kan bu'uureffatu yommuu ta'u, gochotaa/maqaan namootaa fuudhaafi heeruma keessatti kan lagatamaniif kabaja, jaalalaafi xiinsammuu namaa eeguuf ta'uu qorannoo kana keessatti gara fuula duraatti kan qaacceeffameedha. Kunis gochoonni/maqaaleen lagataman kana fayyadama afaanii garaagaraatti dhimma ba'uun kan bakka buusaniidha. Fayyadamni afaanii kun immoo eenyummaa aadaa hawaasa kanaa kan ijaaru ta'uunsaa qorannoo kana keessatti kaa'ameera.

### *1.2.Ka’uumsa qorannichaa*

Mata duree fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa agarsiisan: Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo jedhu irratti qorattuun akka qorannoo ishee gaggeessitu kan ishee kakaase laguu hawaasichi waggoota dheeraaf itti fayyadamaa ture ammas gartokkeen itti fayyadamaa jiruufi gara fuulduraattis maal ta’uu akka qabu ibsuuf. Sababni isaa akkaataan itti fayyadama lagannaa gochaaleefi maqaa namoota fuudhaafi heerumaa keessatti kanneen duraarra gadi bu’aa waan dhufeef, aadaan hawaasaa kun bade jechuun safuun hawaasaa baduu agarsiisa waan ta’eef qorattuun qorannoo irratti gaggeessuun aadaan kun akka itti fufsiifamu gochuuf kan ishee kakaaseedha. Lagannaa kana kan bakka buufaman maqaaleefi gochaalee akkamii akka ta’an hubachuu, maqaalee fi gochaaleen fuudhaaf heeruma keessatti lagataman kan akkamii akka ta’aniifi faayidaan lagannaan maqaafi gochaa kun hariiroo hawaasummaaf qabu qaaccessuufi yoomessa isaa waliin akka hubannoof ta’utti qindeessuun dhiyyeessuufi.

Gama biraa tiin, qorannoon kanaan wal fakkaatu iddoo garaa garaatti kan hijjatame ta’ullee mata duree kanarratti hanga qorattuun beektutti bakka amma qorannoon gaggeeffamuuf baraabdametti hanga ammatti hinjiru. Waan kana ta’eef qorattuun haalli naannoo kanatti jiru hir’achaa waan dhufeef itti fayyadamni afaanii lagannaa yeroo fuudhaafi heerumaa akka hin badneef qindeessee olkaa’uufi dhaloota ammaa barsiisuuf mata duree kana filadheera.

Hawaasni Oromoo aanaa kanaa yeroo baay’ee maqaalee namootaa fuudhaafi heeruma yeroon itti lagatu ni mul’ata. Kun immoo hawaasa gidduutti kan dhimma itti bahamudha malee barreeffamaan qorannoon irratti gaggeeffamee aadaa hawaasa kanaa akka ta’etti ifatti ba’ee hinmul’atu. Inni kun immoo sababa ammayyummaafi afaaniin darburraan kan ka’e irraanfatamaa nideema. Aadaan kun yoo irraanfatame immoo walkabajuu, waliif ajajamuufi waldanda’uun hawaasa gidduutii nidhabama. Waan kana ta’ eef duudhaa boonsaa kanarratti osoo qorannoon gaggeeffame uummatichi kunuunsuun dhalootaa itti aanuuf kan dabarsu, dhaloota eenyummaa isaatiin boonu, naamusa gaariifi fayyaqabeessa uumuufillee, faayidaan qorannoon kun qabu olaanaa ta’ee qorattuu kanatti waan mul’ateef, qorannoo irratti gaggeessuuf ishee kakaaseera.

**1.3.Gaaffilee Qorannichaa**

Gaaffilee bu'uura qorannoo ta'an armaan gadii deebisuuf gaaffileen arman gadii dhiyaataniiru.

I. Fayyadamni afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa keessatti kan bakka bu'an maal fa'a?

II. Maqaafi gochoonni fuudhaaf heeruma keessatti lagataman kam fa'a?

III. Faayidaan itti fayyadama afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa keessatti qabu maali fa'i?

**1.4. Kaayyoo Qorannoo**

**1.4.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii lagannaa fuudhaaf heerumaa Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo qaaccessuudha.

1.4.2. **Kaayyoo Gooree**

- Fayyadama afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa kan bakka bu'an Oromoota Aanaa Leemmuuf Bilbiloo keessatti mul'atu ibsuuf.
- Maqaafi gochoota fuudhaaf heeruma keessatti lagataman tarreessuuf.
- Faayidaa fayyadama Afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa keessatti qabu mal akka ta'e addaan baasuuf.

**1.5.Barbaachisummaa Qoronnoo**

Faayidaan qorannoo kanaa akka qabxiilee armaan gadiitti kaa' amee jira.

❖ Laguufi lagannaa fuudhaafi heerumaa keessatti milkii ilaallachuu irraa jalqabee hanga guyyaa cidhaafi sana boodaas waan safeeffatamu uummanni aanaa Leemmuuf Bilbiloo itti gargaaramu qindeessuun kanneen hawaasa iddoo biraatiif bifa barreeffamaan yoo taa'e akka isaan aadaa hawaasa kanaa beekanii kabajaniifi dhalootaa dhalootatti akka dabarsaniif gargaara.

❖ Lagannaan fayyadama afaanii fuudhaafi heerumaa hawaasni naannoo sanaa itti fayyadamu ija xiin-qooqaan ilaalamuun guddina isaa hamma tokko gara fuulduraatti siksuu ni danda'a.

❖ Namoota sababa adda addaatiin haala itti fayyadama afaaniifi fuudhaafi heeruma keessatti itti dhimma bahamu dagatan yaadachiisuu danda'a.

❖ Afoola keessatti akkaataa itti fayyadama afaanii kana ifa baasuun namoonni hubannoo akka argatan gochuu mala.

- ❖ Namoota of afootti mata duree kanarratti qorannoo bal’aa gaggeessuu barbaadaniif bu’uura ta’ee gargaaruu mala.


### 1.6.Daangaa qorannoo

Qorannoon kun guutuu Oromiyaatti kan gaggeeffamu osoo ta’ee gaarii ture. Haata’u malee qorannoo kana odeeffannoo caalatti amanamaafi dhugooma qabu argachuuf daangaa qorannichaa murteessuun barbaachisaa ta’a. Kanaaf, hanqina yeroo, humna namaa, baajataa irraa kan ka’e fayyadama afaanii lagannaa fuudhaaf heerumaa Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo irratti akka adeemsifamuuf daanga’ee jira. Daanga’uun isaas odeeffannoo haala salphaan funaannachuuf waan gargaaruufi. Leemmuufi Bilbiloo kanarratti daanga’uun isaas yeroo gabaabaa keessatti odeeffannoo qorattuu fayyadan odeeffannoo qabachuun, namoota odeeffannoo irraa funaanachuuf baasii guddaa haala hingafanneen dhimmicha hubachiisuun miira nama gammachiisuun baajata xiqqaa ta’een qulqullinaan akka hojjatamuuf gargaara jedhee waan abdatamuuf. Fayyadama afaanii keessaa akkaataa maqoota lagatamaniif jechoota saalfannaa mul’isan qofarratti kan xiyyeeffatuudha.

### *1.6 Ibsa Naannoo*

### 1.6’1. Haala Waliigala Aanaa

Aanaan Leemmuufi Bilbiloo Aanaalee Godina Arsii 26 Keessa ishee tokko yommuu taatu *Gandoota baadiyaa 25 fi Magaala baadiyaa 7 kan qabduu dha*.




*FAKKII 1.1. KAARTAA AANAA LEEMMUUFI BILBILOO*

### 1.6.2 Taa'uumsaa fi Bal'ina Lafaa

Aanaan Leemmuu fi Biilbiloo gaarreen waliitti hidhataa Gaalamaa,

Honqooloo fi gaara guddaa Kaakkaatiin marfamtee jirti. Lafa dheedichaa Luqucce jedhamuu fi lafa qonnaaf oolu of keessa kan qabduuf Tulluwwan adda addaa fi Laggeen gaarreen kanarra maddanis kan qabduudha. Akkasumas bal'inni Aaniichaa Hek. 81400 kan uwwisuu dha.kana keessaa:-

| | |
|---|---|
| L afa Qonnaaf ooluu | Hek.73,886.5 |
| Lafa bosonaa uwwifame | Hek.3,838.79 |

Bal'ina lafa margaa fi bosonaa namni dhaabeen uwwifamee Hek. 3275.71

Lafa caffee bishaan, dhagaa, lafa magaalaafi kan biroo uwwifame Hek. 399 kan qabduudha.

*Gandoota baadiyaa 25 fi Magaal baadiyaa 7 akkasumaas Zoonii 75, garee 768 fi tokko shanee 3,840 kan qabduu dha.*

*Olka'iinsii lafa Aanaa 1,500 hanga meetra 4460*

### 1.6.3 Haala Qilleensaa

Baddaan % 85

Badda dareen %14

Gammoojji % 1

### 1.6.4 Haala Ummataa

Akka ragaan Lakkofsa Umataa bara 2004 ibsutii Umanni Aanichaa Baadiyaa fi Magaalaa

Dhiira *103,081*

Dubara *105,377*

W/Q *208,458 yeroo ta'u ummani 88.41% baadiyaa kan jiratuudha.*

### 1.6.5 Afaan Ummanni Aanicha Itti Fayyadamu

*Afaan Oromoo 99% kan dubbatamu ta'ee*

Afaan Amaaraa 1% kan ta'u magaaloota badiyaa keessatti akka itti fayyadaman ragaan ni ibsa.

### 1.6.6 Haala Diingdee

Oomishaa fi Oomishitummaa Aanichaa Jiruufi jireenyi ummata aanichaa kan hundaa’ee qonnaa fi Horsiisa beelladaa irratti yoo ta’u

Gara Oomisha Qonnatiin kan Oomishamu

| | |
|---|---|
| Garbuu | Xaafii |
| Qamadii | Sanyii raafuu (Ija raafuu) |
| Qonxora (Talbaa) | Amborii (Hayisaa) |
| Baaqela | Boqqoolloo |
| Daangullee (Atara) | Gaayyoo kkf |

### 1.6.7 Haala Hawaasummaa (barnoota)

- ❖ Mana barumsa sad. 1ffaa 1-8 = 60
- ❖ Mana barumsa sad. 2ffaa = 6
- ❖ Mana Baruumsa Qophaa’innaa- 1 Ida’aama=67

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun Qaaccessa Fayyadama Afaanii Laguuf Lagannaa Fuudhaaf Heerumaa: Godina Arsii Aanaa Leemmuuf Bilbiloo irratti gaggeeffama. Kunis, boqonnaa shanitti qoodameera. Boqonnaa tokkoffaan: seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi seenduubee bakka qorannichi itti gaggeeffame of keessatti hammata. Boqonnaan lammaffaan immoo, sakatta'a barruu yoo ta'u: yaaxxiinaalee qorannoofi sakatta'a barruu walfakkii ofkeessatti qabata. Boqonnaa sadaffaa keessatti: maloota qorannoofi meeshaalee funaansa ragaaleetiif oolan qaba. Boqonnaa afraffaa keessatti immoo, ragaalee walitti qabametu qaacceffamee dhiyaate. Boqonnaa shanaffaa keessaatti: guduunfaa, argaannoofi yaaboo qorannoo of keessaatti hammachuun kan gaggeeffamedha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

## 2.1. Maalummaa Afaanii

Ilmi namaa meeshaa walquunnamtii inni guddaan itti fayyadamuu Afaani dha. Afaan waa'ee jiruufi jireenyaa, amalaafi eenyummaa namootaa ergaa dabarsuuf fayyada. Garuu wantootni afaaniin daddarban haala waqtaawaa aadaa hawaasa naannoo tokkoo irraa kan ka'e akkaataa namni tokko itti waa xiinxaluufi hojiirraa oolchu dhiibbaa taasisa. Akka waligalaatti afaan akkaataa namootni naannoo isaanii ilaalaaniifi yaadaan xiyyeeffannoo cimaa ni uuma. Kunimmoo karaa afaaniitiin, nama/saba tokko eenyummaan isaa karaa olba'ee mul'atu, sadarkaa namni sun hawaasa keessatti qabuu ni murtessaa jechuudha (Babou-Sekkal, 2012;17). Kana malees, afaan meeshaa waliigaltee qofa osoo hin taaane hariiroo hawaasummaa Kan uumuufi walqabsiise itti fufsiisuudha.

Waliigalteen hawaasaa haala itti dubbatoonni afaanichaa afaan sana fayyadaman murteessuu keessatti gahe guddaa qaba jechuudha. Sababni isaa, afaan, aadaa hawaasaa isa dubbatu keessatti gad hordamee (deep-rooted) Kan dhaabbate waan ta'eefi. Kana jechuun hawaasni tokko, duudhaa, safuu fiaadaa isaa afaan isaatiin fayyadamee ibsata waan ta'eefi. yeroo waliin dubbiin barreeffamaanis ta'e afaaniin taasifamu, haala safuufi duudhaa hawaasa sanaa dagachuun rakkoo guddaa waan uumuufi namni kamiyyuu aadaa hawaasa keessaa jiruu giddu galeeffachuun jechaafi gocha isaa aadaa saniin walsimsiisee dhihaachuufi dhiheessuu qaba. Halumaa kana bu'uureffachuun afaan kamiyyuu keessattii jechootni, ibsoonnifi yaadonni tokko tokko kallattiin dubbatamuurraa kan lagataman yookaan dhorkamantu jiru. Afaan yookiin jechootni akkasi jechoota laguu (taboo words) jedhamu. Asitti waan dagatamuu hin qabnee tokko, hawwaasni jechaa dubbachuu lagatuu akkuma qabu gochi raawwachuu lagatus jiraachuu isaati.

> *"Language is deep rooted in the cultur of people since it reflect their norms and taboo.Hence ,these beliefs during interaction may lead tosever assault between speakers since every indivual has to behave appropriatelyin his/her society depending on its norms.In this vein ,one should notethat all languages have certainwords ,expression,sentencesand topics which are banned or discusedin public. This languageor wards of language are colled taboo(Ghonane,2013;19)"*

Afaaniif hiika kennuun dura ga'e afaan hawaasa keessatti qabuufi eenyummaa hawaasichaa hubachuun barbaachisaadha. Qabanni isaa eenyummaa hawaasaa ni ibsas ni ijaaras. Dhimmoonni hawaasaa immoo hedduu akkuma ta'an, hiika afaanii kan hawaasaafi dhimmoota isaa kana walitti ibsuuf hunda galeessa ta'e dhyeessuun rakkisaadha. Haa ta'u namoonni afaaniif hiika kennuu hin dhiifne. Hiikni kennamus garagara yoo ta'u, bu'urri garaagarummaa kanaas umrii dheeraa qabaachuu afaaniifi xiyyeeffannoo hookaati. Hayyoonni afaanii, Afaan meeshaa ilmi namaa sagalee dubbii walitti qindeessuun kan ittiin walii galu meeshaa wal qunnamtiiti jedhu. Kaan ammoo afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti jechuun yoo hiikan, afaan baattuu aadaati jedhanis jiru. Hiikkaawwan kunneen xiyyeeffannoo isaanii qabu.inni duraa sagalee dubbii inni itti aanu eenyummaa hawaasaafi inni dhumaa ga'ee  afaan hawaasicha keessatti qabu xiyyeeffata. Gabaabumatti afaan sagaleewwan dubbiitti kan fayyadamu, mallattoo eenyummaafi baattuu aadaa hawaasa tokkoo kan ta'e meeshaa wal qunnamtiiti jechuun hiikuu dandeenya.

## 2.2 Faayidaa fayyadama afaanii

Haalli caasaafi fayyadama caasaa afaanichaa fayyadama afaanii jedhama. Caasaan afaanii immoo, qaaccessa dhaamjechaa, xiinqooqaa, xiinhiikaafi xiinhimaa afaan sanaa mara kan hammatuudha. Dabalataanis, fayyadamni afaanii beekumsa dandeettii afaanii irratti kan fuulleffatu ta'ee; haala namoonni afaan baruu-barsiisuufi itti fayyadamuu danda'an irratti kan fuulleffatuudha.

> *"Applied linguistic is the one of several academic focusing on how language is acquired and in the modern world."*

Liulseged (1994) akka ibsuttis, fayyadamni afaanii bakka maratti ni barbaachisa jedha. Akkasumas, ulaagaa hojiirra oolmaa afaan sanaa beekuunis murteessaa ta'uu lafa kaa'a. Kanarraa kan hubannu fayyadamni afaanii iddoo tokkotti ergaa tokko yoo qabaate iddoo biroottimmo dhaamsa biraa argachuu danda'a waan ta'eefi.

Hayyuun Walff(2000) fayyadama afaanii haalaan beekuuf gaaffilee yoom, eessatti, maaliif, maaliin, eenyuuf, eenyuun, akkamittiifi kkf xiinqooqa hawaasa sanaan walitti dhufeenya qaban addaan baasuun baruu danda'uu keenya agarsiisa.

Bifuma kanaan, Stockwell (2002) hojiirra oolmaa afaanii haala aramaan gadiitiitiin ibsa. Fayyadamni afaanii Asxaa hawaasaa gulantaa isa guddaa dha jedha. Namoonni tokko tokko afaan haala barbaadaniin filachuun iddoo garaa garaatti dhimma garaa garaatiif oolchuu ni danda'u.

Dimshaashumatti, hubannoo hayyuuwwan armaan olitti dhiyaatanirraa wanti baratamu hojiirra oolmaan afaanii calliseetuma kan mirkanaa'u osoo hin taane haala qabatamaan hawaasni afaanitti fayyadamuun dalagaa adda addaa dalaguufi walitti dhufeenya uummatichi jireenya guyyuu keessatti uumurratti hundaa'uun kan goolabamuudha.

Kunimmoo dhaamsi afaanii haalota garaa garaa biratti kan tajaajilu ta'ee namoonni karaa barreeffamaafi dubbiitiin jireenya guyyuu keessatti jechuun siyaasaa, daldala, amantaa, falmiifi kkf keessatti hojiirra oolchaniidhaa. Akkasumas, akeekkachiisuu, gorsuu, bashannansiisuu, amansiisuufi ifachuu keesattillee dhimma itti bahaniidha.

**2.3. Walitti dhufeenya afaaniifi aadaa**

Aadaan hawaasa tokko afaan saba afaan sana dubbatuu guddisuu keessatti gahee guddaa qaba. Kunimmoo afaaniifi aadaa gidduu hariiroo sirriin/parallel/ jiraachuu isaa agarsiiftuudha. Aadaan mallattoo (bakka bu'aa) haala jiruufi jireenya uummata bakkee wayiiti. Aadaan karaalee garagaraa tatamsa'a. Isaan keessaa muraasni, jechaan, gochaaniifi karaa meeshaawwan aadaatiin ta'uu danda'a. Afaan, aadaafi hawaasni wilitti dhufeenya (hidhata) cimaa qabu.

Deeggarsa afaan aadaa keessatti qabu karaa adda addaa xiinxaluun ni danada'ama. Inni duraa afaan baataa aadaati. Wanti haasawamu ta'ee kan barraa'ee darbu tokko duudhaa/aadaa hawaasa tokkoo kallattii adda addaan mul'isa.

Wanti afaaniin hin gaggeeffamne addunyaa kanarra hinjiru yoo jenne dubbii dhugaarraa fagaate miti. Yaaduma kana kan deeggaru

> *"Language refers to the world, it indicates and describes it. For good or ill, the language at our disposal also shapes the ways in which we think about both objects and people" Robson & Stockwell (2005:39)"*.

Akka mul'istuu yaada kanaatti afaan bakka bu'aa addunyaa ta'uu isaati. Waan gaariifis ta'ee waan badaa akka raawwatamuuf kan qopheessu, akkaataa xiinxallii namaafi wantotaa kan

karoorsuudha. Waan kana ta'eef, afaan qoodaa guddaa akka qabaannuuf addunyaa irra jiraannu keessatti kan gargaaruudha. Kunis immoo agarsiituu afaan garee murtaa'aa tokkoof ykn nama dhuunfaaf kan kenname osoo hintaane ilma namaa maraaf  kan arjoojameedha. Afaan garaagarummaa qabaatus haala faffaca'iinsa uummataa irraa kan ka'e afaan garaa garaa dubbachuun yoo jiraatellee nama hunda biratti kan beekamuudha. Kunis qabeenya hawaasni hundi iddoo tokkotti  waliin qabudha.

Karaa biraatiin immoo hojiilee dhalli namaa hojjetuufi ittifayyadamu hawaasummaa safuu uummataa kan of keessatti hammateedha. Kanumarraa ka'uun qabiyyeewwan hawaasa keessatti argaman mara kan of jalatti hammatuu aadaan dha. Qabiyyeewwan kunniinis: sirna waaqeffannaa, hawaasummaa, ittiin bulmaata, hojii, sirna lagannaa maqaa fi kkf ta'uu malu. Irra caalaa ifa taasisuuf Bichaka (1996, f.38) aadaa yoo ibsu

> *"culture is the complex whole that includes knowledge, belief,arts, morals, laws, customs and any other capablities and habits acquired by an individual as a member of society"* jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu wantoota hawaasni marti jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuuf adeemsisan kanneen akka amantaa, safuu, beekumsa, kalaqaafi kkf hunda aadaan kan of keessatti qabatuudha.

Haaluma walfakkaatuun 'Edward Sapir' walitti dhufeenya afaaniifi aadaa irratti waan dubbate ni qaba. Kunis Afaaniifi Aadaan haala adda ba'uu hin dandeenyeen kan walqabatan miti. Gama biraan kan inni amanu "Language and our thought-tlooves are inextricably interwoven, and are in a sense one and the same" (Sapir 1921: 228, 232) Afaan, aadaafi qoqqoodamni garee namootaa walitti dhufeenyi isaanii uumamaan walqabatanii kan dhufan osoo hintaane raawwii tasa seenaa keessatti uumamaan/dhufaniidha. Kun osoo hinta'u ta'ee namoonni qaamaan yookaan aadaan adda adda ta'an afaan tokko yookaan kan baay'ee walitti dhiyaatu hinfayyadaman ture. Yaanni isaan waliigalan tokko afaan ta'e tokko saba ta'e akka tajaajilu akkkasumas meeshaa ta'ee gareen ga'eessotaa aadaa hawaasaa baranii akka hojjetan gargaara. Walitti dhufeenyi afaanifi aadaa akka guddatutti eegama.

Afaan, aadaanifi hawaasni kan addaan ba'anii ilaalamuu hindandeenyedha. Sababni isaas, aadaan afaaniin ibsama waan ta'eef, afaan baattoo aadaati jechuudha. Afaan ilaalchisee Schaefer (2006, f.62) yoo ibsu,

> “*Language is an abstract system of word meaning and symbols for all aspects of culture. It includes speech, written characters, numerals, symbols, non verbal gestures, and expressions,”* jedha.

Kana jechuun afaan wantoota aadaafi mallattoodhaan ibsaman hundaaf hiika kan kennuudha.

Waan kana ta’eef, Afaan Oromoos ta’ee aadaan Oromoo eenyummaa/mallattoo Oromooti. Beekumsiifi aadaan hawaasa Oromoo bu’uura kan godhatu yoo beekumsi nama tokkoo afaan Oromoorratti, kurfaa’aa kan ta’eedha. Kana yoo ta’uu baate dhimmi quba qabdu jalaa hafuu dandeessi. Qabanni isaa afaan Oromoo jiraachuuf Oromoofi aadaan isaa jiraachuun dirqama. Duudhaa hawaasichaa ibsuuf aadaa Oromoo keessa taanee yaaduun dirqama (Addunyaa 2010).

**2.4. Safuufi safeeffannaa**

Jechi safuu jedhu ilaalcha namni uumaafi uumamaaf qabu jechuudha. Kunis, ilmi namaa dachee kana gubbaatti uumama biroo waliin walkabajee, wal danda’ee, haala waliin jiraachuu danda’an kan agarsiisu seera uumaati.

Hawaasa garaa garaa biratti namootni wantoota adda addaa safeeffatu. Safeeffannaan kunis duudhaa/aadaa hawaasa sanaa wajjin hidhata qaba. Fakkeenyaaf, akka aadaa Oromootti namni sirna Gadaa keessatti waan tokko nisafeeffata. Sababni inni safeeffatuuf inni guddaan qulqullaa’ee wanta hamaafi yaraarraa of eegee seera waaqayyo kaa’e hordofee jiraachuu qaba jedha kitaabni mata dureen isaa Daaniyaa jedhu kan bara (2006:319) maxxanfame.

Safuun seera Waaqaafi lafaati. Seera kana keessatti namni uumaafi uumama nisafeeffata. Sabni safuu hinqabne hin jiru. Fakkeenyaaf, waraabessi nisafeeffatama. Haalli safeeffannaa bineensa kanaas, halkan yoo yuuse daggalli siif haa cabu, karaa nagaa deemi jedhu malee hinabaarani. Sababni isaas, Waaqayyo halkan bineensota akka waraabessaafi bineensota kanneen biroof uume, guyyaa immoo namaaf uume. Kanaafuu halkan yuusuun bineensa kanaaf eeyyamamaa waan ta’eef safuu uumaafi uumamaa diiguun akka Waaqayyo namatti hin dheekkamneef bineensi kun safeeffatama.

Kana malees yeroo bineensi kun namatti dhufu, gori yookiin karaakee deemi daggalli siif haacabu jechuu dhiisanii yoo lolan ykn ajjeesan sanyiin bineensa kanaa haaloo kuufachuun

namaafi qabeenya namaarratti miidhaa guddaa geessisuu danda'a jedhamee waan amanamuuf bineensi kun safeeffatama (Dirribii 2016:66).

Karaa biraatiin, safuun duudhaa hawaasaa eeguudha. Kunis hawaasa keessatti iddoo olaanaa kan qabu yoo ta'u, safuun ilma namaa bineensota irraa kan adda taasisudha.

Safuufi Safeeffannaan dhimmootaafi qaamota garaa garaa gidduutti uumama. Kunis, safuun abbaafi ilma, haadhaafi intalaa, uumaafi uumamaa, Waaqaafi lafa gidduutti. Dimshaashumatti, safuun duudhaa jireenya ilma namaa kan sirreessudha. Walumaagalatti safuun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan hoogganuudha.

**2.5. Laguu**

Jechi /gochi hawaasni hundinuu adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti lagatu laguu jedhama. Wanti akka qaaniitti ilaalaman, namni kamiyyuu dubbachuu sodaatu, safeeffataniifi saalfatanii hawaasa sana biratti saalfatamaniidha. Duudhaa hawaasaa ykn amantaa keessaatti gochi tokko kan dhorkame kanneen nama dhuunfaan, wantootaafi iddowwan garaagaraa karaa hawaasaafi amantaan daangeffaman, taateewwan duudhaa hawaasa tokkoo keessatti kan dhoowwamaniidha. Kunimmoo jechoonni safuu hawaasa tokko keessaatti kan safeeffataman wantoota garaagaraa ta'uu isaanii kan agarsiisudha. Laguun hawaasa tokko keessaa nama tokkoon qofa kan lagatamu osoo hintaane garee uummata sana faana kan lagataman ta'uu qabu.

Kanimmoo hawaasichuma keessa taa'ee namni dhuunfaan tokko waan biroo lagachuu ni mala. Haata'u malee; irra caalaan wanta hawaasichaa duukaa bu'uun lagata. Yaaduma kanaan kan walqabate namtichi Mawega (2002:94) akka jedhutti

> *"Taboo-words words like them must be observed by all the members of the society. Failure to do so can lead to punishment or public shame. But, where possible, the use of such words can take place only in a restricted set of situations" jechuun kaa'a*.

Laguun hawaasa hundaan kan beekaman ykn muuxannoo garee hawaasa maraa kan ta'e, jechoota kana cabsanii itti fayyadamuun seera cabsuudha ykn hawaasicha keessatti qaaniidha. Garuu, Afaan kanatti fayyadamuun kan danda'amu iddoo murtaa'aa ta'e keessatti qofadha.

Akka yaada kanaatti wanti akka safuutti ilaallamu marti muuxannoo garee hawaasa sana akka ta'an haa ibsuyyuu malee, gareen hawaasaa marti jechoota sana walqixa beeku jechuun rakkisaadha. Namni akkuma muuxannoo jireenyaa dheeraa qabu akkasumaan walcaalaa deemuu nidanda'a. Kun immoo hawaasichumtiyyuu muuxannoo walfakkaataa ta'e qaba kan jedhutti nama geessuu danda'a.

Kana malees, Nadia (2012:105) akka ibsutti,

"*Taboo is the prohibition or avoidance in any society of behaviours believed to be harmful to its members in that it would cause them anxiety, embarrassment or shame*" jedha. Safuun wanta Saba kami keessaatti amala yaraa kan qaban qaanii, dhiphina, yookiin fudhatama kan hinqabne, kan dhorkame yookiin balleeffamedha. Amala hawaasicha keessaatti fudhatama kan hinqabne mara kan hammatuudha. Kana malees, wanti hawaasa tokko keessaatti safeeffatamu hawaasa biroo keessatti fudhatama qabaachuu danda'a. Kanaafuu, hawaasa tokko keessaatti maqaaleen nama qaanessaan ni safeeffatamu.

Akka amantii Waaqeffannaatti immoo lagannaan jaatanii qulqullinaa kan waan hamaafi gadheerraa goranii fedhiifi seera Waaqaa eeganii kan jiraatan akka ta'etti ni amanama. Kitaaba mata duree Daniyaa jedhu bara (2006:45) keessatti maxxanfame irratti akka ibsametti, "Lagannaan (safeeffannaan) sirna waan hamaafi yaraarraa of-ittisanii waan gaariifi qulqulluun mul'achuuti. Mul'annaan kun immoo akka fedhii namaatti osoo hintaane fedhiifi seera Waaqaa eeganii qulqullaa'anii argamuudha jechuun ibsa. .

Dabalataan, akkaataa itti uummanni walkabajanii, waldanda'anii, hanga danda'ametti bakka walii kennanii waliin jiraatan safuu jedhama.

Dabalataan immoo namni kamillee maqaalee lagataman kana dhalootaan gonfatee kan dhalatu miti. Erga dhalateen booda karaa adda addaan gonfachaa kan adeemudha. Yaada kanaan kan waldeeggaru, Ningjue (2010:91) Trudgill (2000:70) wabeeffachuun akka ibsutti faayidaa jechoonni laguu qaban inni biraan humna guddaa qabaachuusaaniiti. Seera ittiin hiikama jechichaa cabsuun hiikaa bakka isaa bu'u argachuuf ulfaataadha.

Kana malees, bakkeewwan waldhabbiiwwan garaagaraatti akkaataa haasaa dubbattoottaafi akkasumaas, Kan dhaggeeffattootaa haala qabsiisuuf humna guddaa qabuudha.

Karaa biraatiin, namni martuu seera safuu hawaasichi eegee jiraatu yoo lagate, waan hamaafi gaarii adda baasee nibeeka. Dhalli namaa martuu waan badaafi gadhee keessa oola, waan hamaafi yaraarraa of eega, waan gadhee hamaa lagata.

Baay'ina hordoftoota waan safeeffamu sanan ciminni maqaalee kana lagachuu kan mul'atu kan taasifamudha. Kunis akkaataa inni qaamoota lagataman sanaan gama amalaan, yaadaan, gochaafi eenyummaan dhiibbaa isaan geesisaan irraa ka'uun kan garmaleessaan safeeffatamaniidha. Kunimmoo safuu hawaasichaa eeguuf baay'ee murteessaadha. Namoonni dhuunfaanis ta'e gareen safuu hawaasichi ittiin jiraachaa jiru keessaa akka hinbaaneef, akka hincabsineef baay'ee barbaachisaadha.

### 2.6. Jechoota Laguu

Jechi laguu afaanifi aadaa hawaasa kamiyyuu kessatti akkaa jiru beekamaa ta'us sabni kamiyyuu jechootaafi gochoota laguu kan mataa mataasaa akka qabu hubachuun barbaachisaadha. Laguwwaan tokko tokko kan waligalaa yommuu ta'an, kaan immoo aadaa ykn hawasaa murtaa'e tokko qafa keessatti kan argamuudha.jechoon laguu kunnin of eeggannoo malee yookin haala galumsa isaaniitiin ala hawasichaan yoo duubbataman walitti mufachuu bira darbee rakkoo hammaataa hawaasa giddutti umuu danda'a.

Rakkoowwan jechoota laguu kanaan walqabatan yemmuu umaman waligaltee hawaasa gidduuti, rakkoon akkaa qanaa'uu, mufachuufi walloluu umamuu danda'aa, kanaafuu akka kun hin uumamneef hawaasni jechoota laguu kannin lagachuun yookiin jechoota alkallaattii birooti fayyadamuu qaba. Jechooni/ibsoonni (expression) haala kanaaf hawaasni ittii gargaramuu immoo lagannaa jedhama. Jechooni akkasi kunniin immoo qaaniif mufii kanaa maqsuun yookan haguguun waldhabdeefi qaanii uumamuu malu hir'isuu danda'u.

> *"In order to avoide embarrassment and face losing peopel tray to look for substitution that can hide harmonious power of tabo wards.cosquently euhpemisms are employed to replace offensive expression that can couse harm and shamefor speakers(Jhounanu 2013)".*

### 2.7 Hariiroo jechoonni laguu, aadaa fi hawaasa waliin qaban

Dhimmaa itti fayyadama afaanii yemmuu kaafnu, wanti nuti dagachuu kan hin qabne afaan, aadaa fi hawaasa isaa irraa fottoqee qofaa isaatti ilaalamuu, dubbatamuu fi hiikaa qabachuu akka

hin dandenyeedha. Dhimmoonni kunniin sadan akka santima tokko fuula lama qabuuti. Jechootni laguu,gama saayinsii adda daddaan qoratamuu kan danda'u yoo ta'ellee qorannoo gama xinqooqaafi xiinsammuutiin taasifamee kan agarsiisu, akkataa namootni addunyaa naannoo isaanii waliin jechaa dubbii isaanii wal fudhachiisanii itti dubbatan waliigaltee hawaasni kun waliin qaban irra kan ka'e akka isaan waa dubbachuu lagatan qorannoowwan heddu ni mirkaneessu.

Jechoonni hawaasaa keessatti safeeffatamanii silaa lagatamuu qaban akka feeteen yookaan fuulaa fuulatti yoo dubbataman gaaga'ama hariiroo hawaasummaa qaqqabsiisuutti dabalee adabbii garagaraa kennisiisuu, yoo caalaa hammaate ammoo hamma wal ajjeesuutti fulla'uu kan danda'u ta'uu hayyoonni xiinqooqaafi aadaa ni eeru. Kanarraa wanti hubachuu dandeenyu, haala jiruufi jreenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti hawaaasni waan waliin qaban waliin kunuunfatan, kabajatanii akkasumas ittiin qajeelfamaniii yookiin hoogganamanii akka waliin jiraataniidha. Jecha aadaa kana keessaa gama birootiinimmoo qaamni aadaa kana keessatti lagatamu yoo dubbate yookiin gocha dhoorkamu yoo raawwate hawaasa keessatti akka jibbbamu, tuffatamuufi balaaleffatamudha.

Akka Wardhaugh (1986:13) ibsetti, saayinsiin xiinqooqaa dhimmoota laguufi safuu hawaasaa akkaataa ifatti mul'atutti duudhaa/aadaa hawaasa sana wajjiin wal biratti ilaaluun qorannoo taasusu xiin-qooqa hawaasummaa sociolinguistics akka ta'e ibsamee jira.

Akkuma beekamu, xiinqooqni hawaasummaa qo'annaa afaanii haala qabatamaa aad-hawaas sanii waliin; walqabsiisee kaasa.

Yemmuu dhimmoota afaanii, aadaa hawaasa waliin walqabsiisee dhiheessu jechootni laguunis isaanuma kana keessatti hammatamanii ka'u. Kanaafuu amantaafi barteen hawaasaa itti fayyadama afaanii murteessuu keessatti shoora olaanaa qabu.

> *"Wardhaugh (1986:13) indicates that sociolinguistics is "seen as the study of language in relation to is socio-cultural context. Sociolinguistics focuses on the relation treats language as a socio-cutural phenomenon, including linguistic taboo".*

Jecha tokko jecha biraa irraa addaan baaasee laguufi qaani kantaasisu fedhii nama dhuunfaa tokko osoo hin taane, walii galtee hawaasni tokko haala qabatamaa, aadaa, safuufi duudhaa isaa irratti waliin tumatee qabu irratti hundaa'uuni.

Jechoonni laguu kamiyyuu qaama aadaaafi afaan hawaasaa tokkooti. Namoonni jiruufi jireenya addunyaa kanaa keessatti sababa tokkoonyookaan kan biroon jechoota laguu dubbachuurraa of qusatu; darbee darbeemmoo sababni kallattiin isaan dubbachiisu yeroo isaan mudatu ni dubbatu. Fakkeenyaafyeroo aaraniifi arrabsoo jechoota laguu kan kallattumaan dubbachu malu (Qanbar 2011) .Jechootni laguu hawaasa keessatti dhimma akka salphattii ilallamanii miti, Hata'uu malee jechoota laguu oromoo irrattii qorannoon hedduu kan irrattii hin gaggeefamneefi annaas baayiinaan kan gaggeefamaa hin jirre ta'u ragaan qorannoo muraasa ni ibsuu(Birhaanuu, 2010).

Keessumaa haala qabatamaa looga Afaan oromoo waliin walqabatanii jechootni hedduun kan iddoo tokkotti hiika fayyaalessa (normal meaning) qaban looga iddoo biraa keessattimmoo hiika safuu kan namni dubbachuu lagatu ta'uu danda'u. Fakkeenyaa kaafnee kan ilaallu yoo ta'e jechi, 'bukkee jedhu oromoo maccaa biratti, hiika 'cinaa/maddii'' jedhu kan qabu yoo ta'u looga kibbaa baha oromiyaa Baalee birattimmoo hiika saalfii qaama nama saalqunnamtii gochuu hin dandeenyee'' jechuudha.

Kanarraa wanti hubannu jechoota laguu kana qorachuun dhimma baay'ee murteessaa ta'uu isaati. Kanaafuu namni tokko qaama hawaasa tokkoo ta'ee yemmuu jiraatu, aadaafi afaan hawaasni sun dubbatu beekuun cinaatti yoomiifi eessatti, eenyu waliin mal maaliif akka dubbatu haala qabatamaa addunyaa dhugaa hawaasa sanii haalaan beekuun barbaachisaadha. Sababnisaa kanniin sadeen adda adda ba'anii ofii dhaabbachuun qaama guutuu ta'ee jiraachuu waan hin dandeenyeef.

### 2.8. Akaakuu jechoota laguu

Jechoota laguu salphaati qoqqoodanii kaa'uun gocha ulfaataadha. Sababniisaa haalaa qabatamaa isaanirratti hundaa'uun hawaasa keessatti safeeffatamaniif lagatamaniin garaagarummaa heddu qabu waan ta'eef. Haata'u malee, hayyootni adda addaa bakka adda addaaf karaa adda addaan jechoota laguu qoqqooduu yaalaniiru. Haata'u malee, qabatama aadaa hawaasa tokkoorra dhaabbatanii waan qoqqoodaniif garaagarummaa niqabaata. Akkaataa qoqqooddii jechoota laguu warra dhiha awurooppaa ilaalchisanii Allan fi Burridge (2006:1) akka itti aanu kanatti lafa kaa'aniiru:(1) laguun qaama namaafi foolii badaan wal qabate,(2) laguu qaama saalaafi

gochasaan walqabate, (3) laguu dhukkubootaafi ajjeechaan wal qabate,(4) laguu hir'ina qaamaan walqabate, (5)laguu amantaafi manaa amantaatiin wal qabate,(6) laguu maqaa namaafi bakkeewwan tokko tokkoon walqabate,(7) laguu nyaataan walqabate, (8) laguu araadaafi yakkaan walqabate jechanii kaa'aniiru.

> *"Allan and Burridge(2006;1) present taboo categories of western world as;body and effuvia,the organ andact of sex,disease,death and killing,physicaland mental hándicap,religión and church,naming and addressing sacred persons beings ,object and places,foodpreparation and consumption prostitution,narcotics and criminal activity".*

Karaa kallatiin ta'e alkallattiin qoqqooddaan jechoota laguu hayyoota kanaan (Allan fi Burridge (2oo6:1) kaasuun yaalame kan haala qabatamaa laguu hawaasa oromoo keessatti ni calaqqisu. Jechootni laguu oromoo kunneen dhimmoota yookiin mata dureewwan adda addaa waliin walqabatanii ka'uu danda'anis hunda isaanii kitaaba kana keessatti dhiheessuun waan hin fakkaanneedha. Walumaagalatti, dhimmoota hawaasni afaan, aadaa, duudhaa, safuu uumaafi uumamaaf qabu waliin walqabsiisee waan hedduu jechuu yookiin gochuu lagatu keessaa muraasa issaaniitu kitaaba kana keessatti ka'anii jiru:

- ❖ Laguufi lagannaa du'a waliin walqabatu(Taboos related to death)
- ❖ Laguufi lagannaa dhukkuboota waliin wal qabatu(Taboos related to diseases)
- ❖ Laguufi lagannaa dubartii waliin walqabatu(Taboos related to woman)
- ❖ Laguufi lagannaa qaama saalaafi gocha isaan walqabatu(Taboos related to sex and sexuality)
- ❖ Laguufi lagannaa hir'ina qaamaa namaan walqabtu(Taboos related to physical defect)
- ❖ Laguufi lagannaa fuudhaaf heeruma waliin walqabatu(Taboos related to marriage)
- ❖ Laguufi lagannaa amantaafi uumama waliin walqabatu fa'i.

### 2.9. Itti fayyadama laguu irratti wantoota dhiibbaa geessisan

Hawaasa biratti maqaaleen akkaataa garaagaraan kan lagatamuu danda'anidha. Garuu wantoonni dur hawaasicha keessaatti akka safuutti rawwatamaa turan yeroo dheeraa booda garuu irraanfatamaa deemuu danda'u. Kunis kan ta'uu danda'u sababoota garaagaraarraa kan ka'e.

Sababoota kanneen keessaa muraasni dheerina yerooti. Dheerinni yeroo lagannaa maqaa kanaan dura itti fayyadamamaa turre akka dagataman ni taasisa. Fakkeenyaaf haati manaa erga heerumtee booda maqaa abbaa warraa ishee hin waamtu ture. Garuu ammaa haalli kun baay'ee kan calaqqisaa jiru miti, Nadia (2012:68).

Kanamalees lagannaa maqaa kanatti dhimma bahuuf baay'ee murteessaan garaagarummaa umrii namoota gidduutti argamuudha. Jechoota safuu ta'an baay'ee akka hin dubbaanneef daa'immaan umriin isaanii waggaa kudhanii gad ta'an nidhorkamu. Namoonni akkuma umriin isaanii dabalaa adeemuu hammi isaan safeeffachaa adeemanis akkasuma ta'aa adeema. Kanneen biroon immoo waliin jireenya hawaasa adda addaa jidduutti uumamurraa kan ka'e baay'inaan dhiibbaan irraa ga'uu danda'a. Namoonni adda addaa sababii walitti dhufeenya karaa garaagaraan yommuu walitti dhihaatan walkeessa fudhatanii itti gargaaramuu ni danda'u. Kun immoo jechi sun akka dagatamaafi wallaalamaa adeemu taasisa.

### 2.10. Balballoomsa fayyadama afaanii

Fayyadama afaanii balballoomsuun karaa garaa garaatiin ibsamuu ykn hiikamuu mala. Akka hayyoota xiin-qooqaa caasaatti balballoomsi fayyadama afaanii barreeffamaafi dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa ykn caasaa afaanii keessatti dubbatamaafi haala keessatti dubbatee sana addaan baasuun babal'isuun barbaachisaadha.

Malenyaa tajaajilaa malanyaan biraa fayyadama afaanii ittiin balballoomsinu jedhamu yoo ta'u akkaataa hiikni dubbataa qabiyyee dubbiifi haala dubbataa irratti hundaa'uun gargar ta'e qaaccessuuf kan gargaarudha.

> "*Functional approach helps to anlysise how meanings of utterances vary based on context of speaking and the mood of the speaker." (Biber et al., 2007: Alvesson, 2004fi Mac Carty, 1991).*

Maleenyi akkanaa xiyyeeffannoon isaa caasaarraa hiikaatti kan fuulleffatee dha. Haata'u malee, barbaachisummaa hawaasniifi aadaan fayyadama afaanii keessatti qabu waan dagate fakkaata. Maleenyi kunis fayyadamni afaanii, aadaan, hawaasniifi siyaasni akkamitti akka dhiibbaa walirratti geessisuu danda'an xiinxaluu irratti hagas mara quubsaa miti.

*“This approach is inadquate in analyizing how language use influencesand is influeced by the existing wider socio-caltural and political realities” (Alvesso, 2004).*

Waan kana ta’eef hanqina kanaaf furmaata kennuuf maleenyaan hayyoota xiin-qooqa hojiifi saayinsii hawaasaa birootiin dhiyaate kan biraa hiika balballoomsa afaanii xiinxalu caala bal’aadha.

*“It includes analysis of the broder socio-cultural and polotical context in which a given discourse is produced and consumed‖ (Fairclough, 2003; Gee, 1999; Wodak, 2007).*

Maleenyaan inni sadaffaan balballoomsa fayyadama afaanii keessatti sochiiwwan hawaasummaa, siyaasaafi aadaa garaagaraa gadi fageenyaan qorachuun kan bocuufi ofii isaatiifis kan ittiin bocamuudha.

*“In this approach language is considered as a lens to critically investigate variuos social, political and cultural practices that shapes and shaped by it” (Alemu, 2013:25).*

### 2.11. Walitti dhufeenya afaaniifi eenyummaa

Afaaniifi eenyummaan hariiroo qajeelaa qabu. Namni afaan isaatti gargaaramee eenyummaa isaa olkaasee yoo hin dubbanne isa du’e wajjin tokkuma. Afaan duudhaa, eenyummaafi aadaa hawaasa tokkoo walitti hidhee qabuudha. Eenyummaan saba tokkoo karaa garaa garaa dhokfamuu danda’a. Kunmmoo, afaan ykn aadaan kan saba biraatiin liqimfamuu danda‘a. Afaaniifi aadaan liqimfaman eenyummaan nama dhuunfaas ta’e hawaasaa bade jechuun ni danda‘ama. Walitti dhufeenyi afaaniifi eenyummaa yaada hayyootaa irratti hundaa‘uun maalummaa afaaniifi eenyummaa, hariiroo afaaniifi eenyummaa, walitti dhufeenya afaaniifi kanneen eenyummaa namaa ibsaan barnoota afaanii keessatti aadaan garaagarummaan afaaniifi eenyummaa barsiisuun caalmaatti barataaf barbaachisaa ta‘uu isaa nama hin gaafachiisu.

Karaa biraatiin afaan hawaasa bal’aa keessatti saba hidda tokko irraa madde kan seenaa bara dheeraa waliin qooddate, kan muuxannoo jireenyaa walfakkaatu jiraate, kan aadaafi duudhaa yeroo dheeraa sana calaqqisiisu hordofanii jaalalaan walqabachiisee jiraachisuudha. Kana malees,

Afaan iji namaa waan guyyaarraa guyyaatti addunyaa kana keessatti dalagamaa oolu meeshaa ittiin daawwatuudha.

Walumaagalatti afaaniifi eenyummaan addaan bahanii kan hin ilaalamne ta'uu isaa gama beektotaan armaan olitti kaa'ameera. Kanaafuu isa kanammoo fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa jedhu kana yaada beektoota kanaaan walqabsiifnee yoo ilaallu, lagannaan maqaa namaa aadaa Oromoo keessatti kan hawaasni Oromoo maqaalee namoota maqaa isaanii dhahuu/waamuu hinbarbaanne fayyadama afaanii garaagaraatti fayyadamuun bakka buufatuudha. Afaan kanatti fayyadamuun isaa immoo ittiin walkabajuuf, ittiin eenyummaa aadaa isaa tursiisuufi ittiin wal ijaaraa deemuuf isa fayyada.

### 2.12. Laguu fi lagannaa fuudhaafi heerumaa

Ummaani oromoo aadaa heddu qaba. Isaan keessaa fuudhaafi heerumni isa tokkodha. Fuudhaafi heerumni hawaasa Oromoo biratti bakkaafi fi kabajaa guddaa qaba. Kannarraa kan ka'e, hawaasni Oromiyaa keessa jiraatu adeemsa raawwii fuudhaaf heerumaa waliin walqabsiisanii wantoota dubbachuuf gochuurraa lagatan yookiin sodaatan heddu qabu. Kabajaafi safeeffannaan kunimmoo barsiifata aadaa hawaasichaa keessa jirurratti hundaa'anii akka ta'e beekkamaadha.

### 2.13. Sakatta'a barruu walfakkii

Qorannoowwan adda addaa yeroofi bakka garaagaratti rakkoowwan garaagaraaf furmaata barbaaduuf ykn beekumsa ta'e tokko dabaluuf mata dureewwan baay'ee irratti hojjatamanii jiru; ammas kan hojjetamaa jiran ni jiru, gara fulduraattis kan itti fufan ta'u. Mata duree kana jalattis qorannoowwan namoota biyya alaafi keessatti adeemsifamaa turan keessaa mata duree kanaan walitti dhufeenya kanneen qaban as jalatti dhiyaatanii jiru.

Qorannoowwan biyya keessaa mata duree kana wajjin walitti dhufeenya qaban keessaa; Biqilaa Tufaa (2008) Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo kan jedhurratti kan gaggeeffamee yoo ilaalle, qorannaa kana waliin kan wal fakkeessu lachuu dhimma safuu hawaasa Oromooo giddu galeeffachuun kan gaggeeffame ta'uu, aadaan safeeffannaa kanaa bakka adda addaatti kan hojiirra oolu ta'uu isaa agarsiisuuf yaaluu, yoomessa safeeffannaa kanas agarsiisuufi ibsa gahaa ta'e itti kennuun akka hubannaaf ta'utti dhiyeessuu yoo ta'u; garaagarummaan jiru immoo kun maqaa fuudhaaf heerumaa waamuu lagachuu Godina Arsii Aanaa Leemmuuf bilbilloorratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kan isaa immoo "Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo

Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo" kan jedhuurratti kan gaggeeffame ta'uu isaati. Dhimma kana yoo ilaalle daangaa qabiyyee qorannichaanis, bakkaanis garaagarummaa guddaa kan qabuudha. Akkasumas, dhimma safeeffannaa hawaasa Gujiifi Arsii wal cinaa qabuun wal dorgomsiisuun kan dhiheesse ta'uun isaa adda isaan baasa.

Kan biraa immoo qorannoo bara 2008tti Dassaalany Seeqaa (2008) Mata duree "Qaaccessa qabiyyee Jechoota Laguu; Xiyyeeffannoon Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu keessa jiraataniifi Leeniin Quuxoo (2012) Xiinxala laguu foon Beeyladootaafi Bineensotaan walqabatu; xiyyeeffannoon Oromoo Waayyuu shananiiti. Qorannoowwan kanneen walitti dhufeenyi isaan qorannoo kana waliin qaban waa'ee safuu hawaasa Oromoo irratti hundaa'uun gaggeeffamuu isaaniiti. Garaagarummaan isaan qorannoo kana waliin qaban immoo qorannoon Dassalany ykn inni lammaffaan kun jechoota laguu akka walii galaatti qaaccessuurratti kan bu'uureffate yommuu ta'u qorannoon kunimmoo mata duree fayyadama afaanii lagannaa maqaalee namootaa fuudhaaf heeruma keessatti qaaccessuurratti bu'uureffatee kan gaggeeffameedha.

Qorannoon inni sadaffaas, mata duree lagannaa foon bineensotaafi beelladootaa xiinxaluu irratti xiyyeeffatedha. Kunis qorannoo kanaan walitti dhufeenyi inni qabu kallattiidhaan yoo jiraachuu baatellee foon bineensotaafi beelladootaa lagachuun hawaasa kana biratti akka safeeffannaafi aadeeffannaatti ilaalamuun hawaasaan kan lagataman waan ta'eef dhimmi lagannaa tokko isaan taasisa. Garaagarummaan isaan gidduu jirummoo qorannoon Leeniniin dalagame foon bineensotaafi beelladootaa lagachuurratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoon koo immoo lagannaa fuudhaaf heerumaa kan qaacceffameedha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi wantootni mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka, saxaxa qorannichaa, mala odeeffannoowwan ittiin sassaabaman, meeshaalee funaansa ragaalee, mala odeeffannoon ittiin xiinxlamuufi kkf of keessatti hammata. Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan haala itti fayyadama afaanii lagannaa maqaa namootaa fuudhaafi heerumaa hawaasa Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo haala qabatamaa jiruun qaaccessuudha.

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti Qabiyyeefi fayyadama afaanii maqaalee namaa fuudhaaf heeruma keessatti lagataman hawaasa Oromoo Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo biratti adeemsi isaa haala hubatamuu danda'uun duraa duuba isaaniin ka'amaniiru. Kanaafuu, qorannoon adeemsifame kun qorannoo qulqulleeffataa ta'ee, saxaxa ibsaa (addeessaattiin) kan dhihaatedha. Qorannoo akkamtaa ilaalchisee akka Cresswell (2003:178) ibsutti,

> "*The idea behind qualitative research is to be purposelly selected participant or sites document or visual that will be best help the researcher understand the problem and the research quest*" jedha.

Yaanni kun akka ibsuutti qorannoon qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannoon filatamuun akka irra jiraatu addeessa. Kunis, qorataan odeeffannoo qabatamaafi amansiisaa jedhuuf deebii kan kennuufi kaayyoo qorataan kaawwatee galmaa gahuu keessatti gahee isaa bira akka gahu taasisa.

## 3.2.Malleen Qorannicha

As jalatti akkaataa odeeffannoon ittiin sassaabameefi odeeffannoon sassaabame sun ittiin qaacceffame irratti hundaa'uun qorattuun qorannoo ishee kana mala qorannoo qulqullinaa (qualitative method) fayyadamuun kan gaggeessitedha. Qorannoon mala kanaan adeemsifamu odeeffannoo argame mala addeessaa ykn mala ibsaatiin akka dhihaatu Dastaa (2002:20) ibseera.

Haaluma walfakkaatuun Addunyaa (2011:60) yoo ibsu, "haalli jiruufi jireenya hawaasaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataa, bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamu mala akkamtaa jedhama." jedha. Yaada kana ka'uumsa taasifachuun

qorattuun itti fayyadama afaanii laguuf lagannaa fuudhaafi heeruma keessatti kan bakka bu’an, maqaafi gochoonni fuudhaaf heeruma keessatti lagatamaniifi faayidaa laguuf lagannaan fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa cimsuu keessatti qabu akka Aanaa Leemmuufi Bilbilootti eenyu fa’aa akka ta’an xiinxalteerti.

### 3.2.1. Irraawwatamaa

Odeeffannoo kennitootni qorannichaas maanguddoota aanichaati. Malli maanguddoonni ittiin filataman mala kaayyeffataati. Sabaabni maanguddootni kun itti filatamanis, maanguddoonni muuxannoo dheeraa fayyadama afaanii laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa keessatti kan bakka buufaman maal maal akka ta’an irratti, maqaafi gochoota fuudhaaf heeruma keessatti lagatamanirratti akkasumas faayidaa laguuf lagannaan fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa cimsuu irratti qabu bal’inaan ibsuu namoota kan biroo ni caalu waan jedhamuufidha.

### 3.2.2. Madda qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsisuu keessatti qorattuun ragaalee madda garaagaraa irraa fudhachuu nidandeessi. Madda ragaawwan kana eeruun immoo qorattuun madda ragaa isa kam akka fayyadamtee dalagde dubbistoonni akka hubataniif gargaara.

Maddi ragaalee qorattuun itti fayyadamtee madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaa odeeffannoo kallattiin qaamoota adda addaarraa argaman jechuunis karaalee xiyyeeffannoo marii gareefi afgaaffii irraa walitti qabaman kallattiidhaan hirmaattoota qorannoo kanarraa kan walitti funaanamaniidha.

### 3.2.3. Iddattoofi iddatteessuu

Wantootaa odeeffannoo irraa funaannachuuf qorattuu gargaaru iddattoon akaakuuwwani dha. Malli iddattoo kaayyeffataa kunis namoota dhimma qorannoo gaggeeffamu sanarratti muuxannoo ykn odeeffannoo gahaa kennu jedhamanii tilmaaman irratti bu'uureffachuun kan adeemsifamuudha. Mala kana keessattis tooftaa ittiin ragaa guurrattu mala iddattoo baay’ee jiran keessaa akka qorannoo isheef tolutti ilaaluun mala iddattoo kaayyeffatatti (purposive sampling) fayyadamtee jirti.

Dabalaatanis, James (1996:210) akka armaan gadiiti.

> *"In purposive sampling the researcher selects Particular elements from the population that will be representative or informative about the topic. Based on the researcher"s knowledge of the population, ajudgment is made about which cases should be selected to provide the best information to address the purpose of the research".*

Akka yaada kanaatti malli iddattoo kaayyeffataa namoota odeeffannoo irraa argatan sana kaayyeffatanii irraa fudhachuurratti xiyyeeffata. Muuxannoo qorattuu irrattis hundaa'uun qaamoota odeeffannoo caalmaatti irraa argachuu danda'a jettee itti amante, kan filattudha. Mala iddattoo akkanaa keessaatti hirmaattota jiran keessaa qorattuun mala qorannooshee bakka bu'uu danda'an ykn waa'ee mata duree ishee irratti odeeffannoo naaf kennu jettee yaadde kan filattedha. Kana jechuun qaamoota hawaasaa jiran keessaa waan kaayyeeffatame sana galmaan gahuu kan danda'an filachuun qorannoo ishee kan adeemsisteedha.

Namoota hubannoo, ilaalchaa, yaadafi muuxannoo gahaa qaban kan filatamaniidha. Kana bu'uura godhachuun qorattuunis uummata Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo keessaa jiraatan keessaa dhiira 48 fi dhalaa 38 akka waliigalaatti namoota 86 akka iddattootti filattee jirti. Qorattuun namoota kana kan filachuu dandeesse odeeffannoo Abbootii Gadaafi Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo irraa argattee dubbisuuniifi namoota umriin maanguddummaa keessa jiran ofiin beektu bira deemuuni.

Odeeffaannoo kennitootnis maanguddoota. Sababni isaas, maanguddoonni ragaa gahaa muuxannoo qaban irraa kennuu danda'u jadhamanii waan itti amanamamuufi. Mala qorattuun kun dhimma itti baate, afgaaffiifi xiyyeeffannoo marii gareeti. Sababni afgaaffifi mariin garee itti filatamanis qorattuun qaamaan odeeffannoo kennitoota bira gahuun gaaffii barbaadde gaafachuun deebii quubsaa argachuu waan dandeessuufi. Odeeffannoo kennitootnis fuulaa fuulatti walarguun sodaa tokko malee odeeffannoo kennuu waan danda'aniifidha.

Dabalataanis, qorattuun yeroo afgaaffifi marii gareetti fayyadamtee odeeffannoo funaannattu miira odeeffannoo kennitootaa qaamaan bira geessee waan ilaaltuuf jecha waan odeeffannoo kennitootaaf hin galle hunda ifa gochuun odeeffannoo gahaa ta'e argachuu dandessee jirti. Afgaaffii keessattis gaaffilee cufamoofi banamoo qopheessuun gaafatamtoota haala barbaadameen gaafachuun odeeffannoo argachuudha. Marii garee keessatti immoo gaaffilee

hirmaattotaaf ykn odeeffannoo kennitootaaf dhiyyeessuun akka isaan garee isaanii keessatti hirmaachuun deebii kennaniifi mariin odeeffannoo sodaa malee dabarsuu akka danda'an gochuunidha. Walumaagalatti qorattuun ragaa mala kanaan funaannatte kana yaadannootti qabachuun erga qindeeffattee booda qorannoo ishee keessatti kan hammachiiftedha.

### 3.2.4. Meeshaalee funaansa ragaalee

Meeshaleen funaansa ragaa qorattuun kun dhimma itti baate afgaaffiifi xiyyeeffannoo marii gareeti. Qorattuun kun meeshaalee funaansa ragaa kana kan fayyadamte odeeffannoo karaa garaa garaatiin argame ragaa dhugaa ta'e argachuuf fayyada.

#### 3.2.4.1. Afgaaffii

Afgaaffiin qorattuuniifi odeeffannoo kennitoonni ykn gaafatamtootni walbira gahuun, fuulaa fuulatti kan walarganii yaada isaanii kan kennanidha. Kunimmoo yeroo gaafatamtootni deebii kennan miira isaan ittiin deebisan faana hubachuun ni danda'ama. Afgaaffiin baay'ee bal'aafi unkaa garaagaraan kan nama gargaaru qaba. Bu'a qabeessummaan isaa inni guddaan fuulaa fuulatti qaamaan walbira gahuun, odeeffannoo argachuudha. Garuu unkaalee adda addaa kanneen akka qaamaan walbira gahuun yookiin fuulaa fuulatti, xalayaan, bilbilaaniifi kanneen biroon gaafachuun ni danda'ama (punch 1998:175) Jechuun ibsa.

Dabalataanis, barbaachisummaan afgaaffii gaafatamtootni ykn iddattootni waan gaafataman dhuunfaa isaaniin ofitti amanamummaan akka deebisaniif mijataadha jedha. Kunimmoo gaaffiiwwan gaafatamaniif dhoksaa tokko malee deebisuu danda'u. Kunis kan ta'u qorattuun gaaffiiwwan banaa ta'an dhiyeessuun akka isaan yaada isaanii bal'inaan kennan taasisa.

Qorattuunis iddattoo filatte keessaa afgaaffii banamaa shani (5) qopheessuun Kan gafattedha. Halli qorattuun kun itti ragaa kana itti funaannattes yeroo hojii mootummaa hojjettuun alatti bakka manguddoonni itti argaman mana isaaniifi bakka hojii itti hojjetatan deemuun afgaaffii banamaa ta'an namoota 10f dhiyeessuu gaafatte jirti. Namoonni afgaaffii kanarratti hirmaatan dhiira ja'aafi dubartoota afur kan turanidha.

Afgaaffiin cufamoo ta'an immoo dhiirota 10fi dubartoota 10f dhiyaatee dhuunfaan akka isaan deebisan taasifameera. Ragaa haala kanaan kenname erga waraabbatteen booda qorattuun gara yaadannootti erga jijjirteen booda gara qaaccessuutti kan fiddeedha. Odeeffannoon hawaasa keessaa moobayiliin waraabamee gara yaadannootti jijjiirame kunis dabalee keessa kaa'amee jira.

#### 3.2.4.2. Xiyyeeffannoo marii garee

Xiyyeeffannoon marii garee namoota garee muraasa walitti qabuun namoota sanas garee lamatti qooduun falmii ykn marii gidduu isaaniitti kan taasifamuudha. Yaaduma kana kan deeggarani, *(Brumfit &Mitchel 1989, Anol, 2012) akka jedhanitti,*

> *"Focus group research is a type of research that involves bringing in a small group of subjects (typically 6 to 10 people) at one location, and having them discuss a phenomenon of interest for a period of 1.5 to 2 hours. The discussion is moderated and led by a trained facilitator, who sets the agenda and poses an initial set of questions for participants, makes sure that ideas and experiences of all participants are represented, and attempts to build a holistic understanding of the problem situation based on participants comments and experiences".*

Haalli itti ragaan sassaabame maanguddoonni yommuu dhimma qonnaa ilaalchisee marii gaggeeffatan waajjira qonnaa waliin ta'uun erga amansiifamaniin booda ragaalee argaman kana jechaa jechatti fi himaa himatti jijjiiruun yaadannootti qabachuun gara barreeffamatti fiduun qaaccessitee jirti.

Baay'inni namoota xiyyeeffannoo marii gareeratti hirmaatanii dhiira 30fi dubartoota 20 waliigala namoota 50 kana bakka 5 tti qooduuni. Garee tokko keessa dhiira 6fi dubartii 4 waliigalatti namoota 10 hirmaachisuun kan gaggeeffameedha.

### 3.3.Mala qaaccessa ragaa

Mala funaansa ragaaleetti aanuun kan dhufu mala qaaccessa ragaati. Ragaalee karaa garaa garaa funaanaman haaluma walduraa duubaan kan walitti qindaa'edha. Mala qaaccessa ragaalee kana keessatti wantootni jalqabaa kaasee ragaaleen walitti funaanaman walduraa duubaan kan qaacceffamaniidha.

Ragaalee kana karaa mala qorannoo akkamtaa/qulqulleeffataan qaaccesseffameera. Malli qorannoo qulqulleeffataa kunis odeeffannoowwan argaman lakkoofsaan osoo hin taane karaa ibsa bal'aa ykn gadi fageenyaan ibsuun kan ta'uudha.

Dabalataanis, Punch (1998:190) yaada kanaa olii kana kan mirkaneessu yoo dubbatu "qorannoon qulqulleeffataa ragaalee qaacceffaman bifa lakkoofsaan osoo hin taane jechaan kan ibsuudha" jedhee dubbata.

Odeeffannoowwan gama afgaaffiifi xiyyeeffannoo marii gareen argaman walduraa duubaan qaaccessuun dhiyaateera.

## BOQONNAA AFUR: DHIYEESSUUFI QAACCESSA RAGAALEE

### 4.1. Seensa

Akka waliigalaatti ragaaleen qabiyyeewwan armaan olii deebisuuf funaanaman dabalee jala jiru. Isaan keessaa akka barbaachisummaa isaaniitti mata dureewwan xixiqqaa jalatti qaacceffamaniiru. Qaaccessi taasifamu kun ragaalee sana ibsuufi hiikuun hidhata. Fayyadama afaaniifi dhimmoota hawaasaa lagannaa fuudhaafi heerumaan walqabatan agarsiisuuf tattaaffii godhu.

### 4.2. Fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa kan bakka bu'an

Xiinxalli kun matadureewwan xixiqqaa garaagaraa keessatti gaggeeffama. Hawaasni Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo maqaalee namootaa lagatuuf waan bakka buufatu qaba.

Akka oddeeffannoo kennitootni jedhanitti bakka buusaa jechuun akka aadaa keenyaatti namoota saffeeffannu maqaa isaaniitiin waamuun safuu aadaa keenyaa diiguudha waan ta'eef, akkaataa bakka buusuun waamuun nurra jiruun itti gargaaramna jedhu. Bakka buusni hawaasichi dhimma itti ba'uus bifa adda addaa qaba. Isaanis bamaqa, gaalee maqaa, maqaa masoo, ibsitootafi jechoota garaagaraati.

#### 4.2.1. Bakka buusuu maqaalee namootaa lagataman

Maqaalee namootaa lagatamanii bakka buusuun, maqaa sababoota garaagaraatiin lagataman kanneen fayyadama afaanii kanneen biroon bakka buusuun ittiin waamuufis ta'e ittiin maqaa dhahuuf, waa'ee isaa kaasuuf kan itti gargaaramaniidha.

Hawaasni Aanaa Leemmuufi Bilbiloo maqaalee namootaa lagatuuf waan bakka buufatu qaba. Bakka buusni hawaasichi dhimma itti ba'u bifa garaa garaa qaba. Akka oddeeffannoo kennitootni jedhanitti bakka buusa jechuun akka aadaa keenyaatti namoota saffeeffannu maqaa isaaniitiin waamuun safuu aadaa keenyaa diiguu waan ta'eef, akkaataa bakka buusuun waamuun nurra jiruun itti gargaaramna jedhu.

Isaanis bamaqaa, gaalee maqaa, maqaa masoo, ibsitootaafi jechoota garaagaraati. Kanatti aansuun mata dureewwan xixiqqaa kana jalatti ragaalee dabalee jalaa keessaa fudhachuun xiinxaluun yaalameera.

### 4.2.2. Bamaqaalee maqaa lagataman bakka bu’an

Bamaqaan jechoota ykn dham-jechoota maqaa bakka bu’aniidha. Akka hayyuun Addunyaa (2016:90) ibsutti bamaqaan bakka maqaa bu’uun tajaajila maqaa kan kennuu danda’u jechuudha. Fayyadama afaanii keessatti immoo bamaqaalee tajaajila garaagaraatiif oolu. Tajaajilli kunis irraa maquu, diinomsuufi firoomsuuf ta’uu danada’a. Haawasni oromoo Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo  maqaalee namoota lagatuu bamaqoota kana bakka buusuun itti gargaarama.

Mee ragaalee armaan gadii ilaalaa. Haati manaa erga heerumtee booda jecha safuu ta’e kana balleessuuf maqaa abbaa manaa ishee bamaqootaan bakka buustee kan waamtudha. Kunis isin kan jedhuufi isaan kan jedhuun bakka buusuun waamti. Bamaqoonni kun namoota baay’ina qabaniifis ni gargaara. Garuu akka waliigalteetti, isin jettee ni waamti. Kanaafuu kan isheen itti gargaaramtus abbaa manaa ishee duwwaa osoo hin taane namoota safeeffattu mara ittiin waamuu ni dandeessi.

Garuu kuni haala waliigaltee aadaa saba naannoo sanaarraa kan ka’e malee namoota baay’ina qabaniif fayyadamuun ni danda’ama. Haati manaas ta’ee abbaan manaa soddaatiifi soddaa (haadhaafi abbaa) isaanii haaluma kanaan fayyadamuun waliigaltee uumuuf kan itti dhimma bahaniidha. Kan isaan itti fayyadamanis yommuu namoota birootti odeessaniifi waamaniidha.

Kana malees bamaqaa kanaan namoota umurii nuyiin oliifi kanneen baay’ina qaban ittiin waamuunis ni danda’ama. Kunis nama dhuunfaafi garee namootaa ittiin waamuuf kan tajaajiluudha. Haati manaas ta’e abbaan manaa gama maatii waliif faallaa ta’an maqaa dhahanii waamurra isaan jedhanii waamuu kan danda’aniidha.

Akka odeeffannoo laattotni afgaaffiin dhiyyaateef gaafa guyyaa 15/04/2015 taasifame jedhanitti maqaa namoota qaaneffatanii akka araamn gadii kanatti waamu.

- ✓ Isaan maal hojjetu?
- ✓ Isaan maaliif deemuu?
- ✓ Maal taatan isin?
- ✓ Maaliif akkas gootu isin?Jedhu
- ✓ Isaaniin waami/ waamaa

### 4.2.3. Gaalee maqaa maqaalee bakka bu'an

Gaaleen qaama himaa ta'ee, tajaajila jechoonni garee garaa garaa kennuu danda'an kan kennu yommuu ta'u, gosoota gaalee keessa tokko gaalee maqaati. Jechoonni gaalee maqaa kana duukaa bu'an immoo miiltoo mataa gaalee kanaati Rabbirraa (2016:54).

Haawaasni Aanaa Leemmuuf Bilbiloo maqaalee lagatan kana gaalee maqaa bakka buusuun kanitti fayyadamanidha. Gaaleen maqaalee lagataman bakka bu'an kunis maqaafi bamaqarraa ijaaraman. Bamaqni as keessatti argamu kun nama maqaansaa lagatamu kan bifa masiifachuun bakka buusanii waamufillee ni gargaara.

Maanguddoonni afgaaffiif gaafa guyyaa 21/4/2015 deebii kennan yoo ibsan, haati manaa abbaa manaa ishee ykn maatii abbaa manaashee akka armaan gadiitti waamti. Warreen jalqabarratti argaman lamaan akka itti abbaa manaa ishee waamtu kan agarsiisu yoo ta'u, warreen itti aanan immoo akka maatii isaa itti waamtu agarsiisa.

- Aabboonfaa (Aayyoonfaa) koottaa
- Mucaanfaa /dhiiraaf eessa deeman.
- Intalli /durbaaf eessa deemu.
- Soddaa koo /dhiiraafi dubraaf
- Abbaa Abdiisaa
- Kennaa kiyya /koo
- Warra keenya wami/aa

Abbaa/haadha/ qalbii namaa waa yaadachuu danda'uun dabaalanii waamu.

Aanaa Leemmuu fi Bilbilloo keessatti namoonni sirna gaa'elaa raawwatanii daa'imman argatan maqaa daa'imman isaaniitti fayyadamuun maqaa waamu malee maqaa isaanii kallattiin waamuun hin eeyyamamu. Kana jechuun dhiirri yookaan dubartiin walitti aanuun yommuu dhalatan maqaa sanatti fayyadamuun kan waamamudha.

Kana keessatti wanti hubatamuu qabu, maqaan daa'ima dura dhalatee akkasumaas walitti aananii dhalatanii maqaa soddaa yookiin soddaatiin yoo walfakkaate, maqaan daa'imman itti aananii dhalataniin waamu malee maqaa sanaan hin waamani. Sababni isaas, maqaa sana yommuu waaman akka maqaa soddaa fi soddaatii isaanii waamaniitti waan ilaalamuufi.

Haalli maqaa waamuu kunis karaa lamaan raawwatama. Inni duraa, maqaa daa'ima isa jalqaba dhalate(dhalatteen) kan waaman yommuu ta'u, inni biroon immoo, akkaataa walitti aananii dhalachuu daa'imman sanaatiin. Warri maqaa akkasiin waamaman dursanii otoo daa'imni sun hin dhalatiiniis maatiin ofumaa maqaa itti baafachuu danda'u.

Akka maanguddoonni afgaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan gaafa guyyaa 14/6/2015 ibsanitti, namoonni maqaa ijoolleetti fayyadamuun maqaa abbaa warraa ykn haadha warraa akka armaan oliitti bakka buusuun yaamu.

### 4.2.4. Jechoota maqaalee bakka bu'an

Ilmi namaa dhageettii isaa mara mallattoo jechootaatiin bakka buusuun namoota biroo waliin haasawaaan ykn barreeffamaan walquunnamtii uumuu danda'a. Jechi caasaa isaatiin sagaleewwan dubbii afaan tokkooti Beekan (2015). Karaa biraatiin immoo jechi bakka bu'aa muuxannoo hawaasa tokkooti. Dagaaginni, aadaa, diinagdee isaa, hawwiisaa, heddummina hawaasichaa, siyaasaa, amala isaafi, kkf muuxannoo hawaasa tokkoo kan bu'uureffateedha.

Afaan tokko keessatti meeqa akka ta'an lakkaa'anii fixuun rakkisaa kan ta'eef jechoonni amala dhuunfaa isaanii waan qabaniifi dhimmoota hawaasaarraa waan maddaniifidha. Kanaafuu, hayyoonni xiin-qooqaa si'anaa jechoota afaan tokkoo gareetti qooduun qo'achuun barbaachisaa ta'uusaa ibsu.

Bu'uuruma kanaan, jechoota Afaan Oromoo iddoo gurguddoo afuritti qooduu dandeenya. Isaanis: maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima. Addunyaa (2018:60) akkuma armaan olitti ibsame hawaasni Aanaa Leemmuufi Bilbiloo maqaalee fuudhaaf heeruma keessatti lagataman jechoota biraatiin bakka buusuun afaan kanatti kan fayyadamaniidha. Jechoota armaan gaditti dhiyaatan keessaa maqaaleetti fayyadamu. Maqaaleen immoo garee jechaa keessaa tokko akka ta'e armaan olitti kaafamee jira. Bu'uuruma kanaan akka maanguddoonni marii gareerratti hirmaatan odeeffannoo kennanitti akka hawaasa Aanaa Leemmuufi Bilbilootti namoonni gaafa fuudhaafi heerumaa waliin gaggeeffatan inni dhiiraas ta'e isheen dubaraa hiriyaa ykn jaala mataa, mataa isaanii waliin dhaabbatan ni qabu. Sirna fuudhaafi heerumaa kana keessatti isheen durbaa hiriyaa ykn jaala ishee isa dhiiraatiin erga sirna gaa'elaa ishee raawwatteen booda maqaa isaa hin waamtu. Akka odeeffannoo kennitootni ibsanitti dubarri heerumte

waayela/miinjee isheefi ijoolleen maatii keessatti obbolaa isaani umuriin isaan dursan akka armaan gadii kanatti maqaawwan kabajaa fayyadamuun waamu.

Kan isheen waamtu maqaa kabajaatti/lagannaatti fayyadamuuni. Dabalataaniis maatii keessatti ijoolleen gara dhumaarra dhalatan obboleettii jalqaba dhalatteefi obboleessa jalqabarratti dhalate maqaa isaaniin hin waamani; maqaalee kabajaan bakka buusanii waamu. Waan kana ta'eef maqaalee lagatan kana maqaa birootiin bakka buusuun walwaamuu. Odeeffannoo kennitootni marii gareerratti gaafa guyyaa 11/08/2015 hirmaatan akka armaan gadiitti ibsu.

- Obboo: obboleessa jalqabaan/angafaan.
- Aaddee: obboleettii jalqaba dhalatteen/angafaan
- Jaaloo: waayila/miinjee/jaala isa dhiiraan

### 4.2.5 .Maqibsoota maqaalee bakka bu'an

Maqibsiin garee jechaa keessaa tokko ta'ee Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dhufuun amala, bifa, hangaafi waan kana fakkaatan wantootaa kan nutti himudha. Isaan keessaa maqibsi qorannoo kana waaliin walqabatu maqibsa bifaa yommuu ta'u, maqibsi bifaa waan tokko maal akka fakkaatu agarsiisuuf tajaajilu. Maqibsoonni kunneen bakka garaagaraatti akka qoodaman, Addunyaa (2016:61) irratti kaa'amee jira. Isaanis, diimaa, gurraacha, adii, daalacha, cuquliisa, keelloo, magariisa, bulee, odolcha, boora, burree xiilloo, bareedaa, fokkisaa, magaala, godeessa, lilluufi kkf dha.

Qorannoo kana maqaaleen namoota lagatamanii maqibsoota kanaan bakka buufamee jira. Aadaa Oromoo keessatti loon horachuun iddoo guddaa qaba. Sababa kanarraa kan ka'e namoonni loon baay'ee qaban maqaa fardaafi korma beekamaa isaan qabaniin bifa isaaniin bakka buusuun waamu.

## 4.3 Maqaafi gochootaa fudhaafi heerumaa keessattii lagataman

Akkaa maguddoonni aanaa kanaa naaf ibsannitti kanaan walqabatee wanti hawaasichaa biratti gadheefi gaarii ta'ee akka mallattootti ilaalanan ni jiru. Adeemsaa kaadhimannaa kana keessatti qoodaa guddaa kan fudhatuu yeroo durii maatii gurbaafi intalaati.

Akka maguddoota aanaa leemmuufi bilbiloorraa oddeefannoo guuradhetti oromoon yeroo ilmaatti fudhuufi hamilfatu yookiin herumsiisuu barbaadu guyyaa jalqabaa adeemsi kun eegaluu kaasee hamma gaafa guyyaa cidhaattii waan lagatan qabu.

Yeroo ammaa kanaa adeemsi akkasii baay'ee xiqqachaa dhufullee darbee darbee akka mul'atu manguddootaa irraa hubanneerra.

**4.3.1 .Laguu adeemsaa milkii ilaallannaa**

Akka manguddoonni aanaa leemmuuf bilbiloo odeeffannoo naaf kennanitti hawaasni oromoo yeroo ilma isaatti fuudhuu barbaadu adeemsi ittiin adeemee maatii intala gurbaan fuudhuuf jedhu sana ittiin gaafatu qaba.

Guyyaa deemanii maatii mucayyoo gaafachuuf jedhan dhaqanii gaaffii kabajaa kana dhiyeessaniif manguddoota gama maatii gurbaa fuudhuutiin ergamaaniidha. Manguddooonni kunis guyyaa kana akka milkiitti kan ilaallatan qabu.

Adeemsa kana keessatti akka aadaa naannoo saanitti manguddoonni jecha gurraan dhaga'uufi ijaan arguu hin barbaanne yookiin isaan mudachuu hin barbanne hedduutu jira.

**4.3.1.1. Nama tokko ta'ee karaatti itti dhufu**

Akka manguddoonni odeeffannoo naaf kennan jedhanitti gocha kana kan lagataniif namoota lamatu walitti dhufee wal fudhuuf jedha waan ta'eef namni tokkoon kun faallaa nama lamaati waan ta'eef jibbama. Kana jechuun namootni kun walitti dhufuu hin danda'an, walitti dhufanii walfuudhanis gargar bahu, akkasumas horanii hin baay'atan jechuuttis hiikamuu akka danda'u odeeffannoo kennitoonni kaasaniiru. Guyyaa jalqaba gara warra intalaa dhaquuf osoo deemaa jiran namni tokko karaatti akka itti dhufu hin barbaadan.

Yoo gochi akkasii kan isaan mudatu ta'e manguddoonni kun karaa deebi'anii galuun guyyaa biraa akka deemamufi namoonni lamaa yookaan afur yoo itti dhufan milkii gaarii ta'uutti amanu.

**4.3.1.2 Dubartii hubboo duwwaa baattee bishaan waraabuu deemtu**

Dubartiin gara lagaa hubboo duwwaa baattee osoo deemtu manguddoota matii intaala bira dhaquuf deemanitti yoo akka milkii badaatti waan ilaalamuuf baay'ee jibbama.

Gama birotiinis akka manguddoonni jedhanitti hubboo duwwaa baattee hamoommotatti yoodhufte hin qaxxaamurtu. Akka manguuddoonni odeeffannoo kennan jedhanitti hawaasa oromoo biratti dubartiin laga buutee hubboodhaan bishaan fiduun kan baratameedha. Duuba deebitee marga buqqifattee, Ililfattee, duuka darbatti.

#### 4.3.1.3 Durbatii daaraa hartu yookiin jigsitutti dhufuu

Akka manguddootarraa odeeffannoo argadhetti jaarsoliin gama gurbaa guyyaa jalqabaatiif maatii intalaa bira dhaquuf osoo deemaa jiran dubartii daaraa jigsitu yookiin hartu yoo argan yookaan kan itti dhufan yoo ta'e; milkiin hin taane jechuun of duuba deebi'an.Sababiinisaa daraan waan badaa jedhanii waan amananiif milkii isaanii guyyaa biro deemuuf beellamatu. .

#### 4.3.1.4 Kurupheen Qaxxaamuruu

Lagannaan biroo gama gurbaa fuudhuutiin jaarsoleen kan lagatan kurupheen isaan qaxxaamuruudha. Yoo kurupheen isaan qaxxaamurte ni deebi'u malee, bira darbanii dhaqanii fuudhaaf maatii intalaa hin gaafatan. Sababni kanaammoo kurupheen uumamaan tokko qofa wan dhaltuuf hormaatanii warra wal fuudhan kanaas hin baay'atu jedhanii waan amananiif.

#### 4.3.1.5 Jeedalaa fi bofaa qaxxaamuuramuu

Lagannaan biroo kan jaarsoliin lagatan Jeedalaa fi Bofa. Jaarsoliin karaarratti jeedalaafi bofaan yoo qaxxamuraman adeemsi guyyaa Sanaa milkaa'uu akka hin dandeenye amanamee beellamni guyyaa birootti darba.Sababnisaa bineensonni kunniin lamaan falfaltuu yookiin mortuudha jedhanii waan amananiif.

#### 4.3.1.6 Harree gangalattutti dhufuu yookaan arguu

Jaaarsoliin gara warra intalaa; intala kadhaachuu yemmuu deeman harree daaraarra gangalatutti yoo kan dhufan ta'e milkiin hin taane jechuun of duuba deeb'u. Sababisaa beeyladoota manaa keessaa gad aantu daararratti gangalachuu san akka falfaltuutti waan ilaallamuuf milkii isaanii guyyaa birootti beellamatu.

#### 4.3.1.7 Lagannaa Gosa warraa walfuudhanii

Akka ragaan manguddoo irra arganee midhisuuttii adeemsa wal ilaallannaa jalqabaa kana keesaaatti walqorannaa gosa warraa gurbaa fi intalaa ni gaggeeffama. Adeemsi ilaallannaa gosa /sanyii kanaa gamaa hedduun ilaallama; isaanis: firummaa dhiigaa qaqbachuu dhiisuu ,fayyummaa qamaa fi gosan biraa ta'uu

Oromoo kam birattii gosni walkeessaa hariiroo firummaa dhiigaa qaban wal hin fuudhan yoo xiqqatee hanga abbaa torbaa ni lakkka'atuu wal fudhuu ni dana'uu.yoo kun ta'uu baate akka safuu cabsuutti ilaallama.kan firummaa dhigaa walkeessaa qaban yoo ta'ee harammuudhaa jedhammaa.

Gama biraaitin immoo fayyummaa waliin qabachuu, jechuun dhokubboota addaa addaa kan namarraaa namatti sanyiin darbaan kanneen akkaa qurccii (yabachuu miilaa )irraa gamlameenuu bilisa ta'uu qaba. Dhukkubni kun sanyii gamtokko keessa jiraanaan wal hin fusisaan. Sababni isaaa dhukkubni kun waan sanyiin dadarbuuf da'imman dhalatanittii darbeesanyii balleessaa jedhanii waan amananiif.

### 4.3.1.8 Lagannaa gurbaa fi intalaa walfuudhan

Akkumaa manguddootaa irraa odeeffannoo argadheen gurbaa fi intalli walfudhaan umriin isaan yeroo fudhaaf ga'u gochootaa raawwachuu qabaniifi hin qabneeakka aadaa hawaasichaatti kan lafaa ta'ee jira.waantota armaan kana lameen isaaniyyuuguutuu bannaan walfudhuun akkasafuuttii ilaallama. kunis;

- ❖ Gurbaas ta'ee intalli isaanii fudhaa fi herumaaf akka aadaa hawaasichaatti biratti baratameetti guutuu bannaan maatiin ijoollee lameenii walitti hin kennaani.umrii malee fudhuu fi heerumuun safuu waan ta'eef.
- ❖ Gurbaan fudhuu yoo xiqqatee manaa fi qabeenyaa isheefi da'immaa dhalataniin jirachisaan qabachuu qaba; kana kan hin qabnee taanaan fudhaaf intala gafachuuun hawaasa biraatti akka qaaniitti ilaallama

### 4.3.1.9 Lagannaa guyyaa cidhaan duraa jiru

(A) Gochoota gurbaan fuudhu raawwachuu hin qabne

Akkumaa manguddoonni raga naaf kennaanin gurbaan fudhaaf dhihaatee waan gochuu lagatuu hedduu qabaa isaanis;

- ❖ Farda yaabbatee gulufuu hin qabu tasa irraa kufee miidhama jedhamee waan yaadamuuf.
- ❖ Imala fagoo deemu hin qabu balaa tasa irra bu'a jedhamee waan yaadamuuf
- ❖ Laga guutee hin ce'uu hin qabu tasa lagni fudhata jedhamee waan yaadamuuf.

- ❖ Hojii humnaa hin dalagu tasa miidhama waan jedhamee yaadamuuf.

Walumaa galatti gochoonni kunniin kan lagatamaniif gurbaa fuudhu irra akka miidhaan tasa hin geenyeef jedhameeti.

(B) Gochoota gurbaan fudhuu raawwachuu qabu

Gurbaan fuudhu gochootaa armaan gadii yoo raawwachuu baate akka safuu guddatti ilaallama.

- ❖ Alangee roophii calleen itti dirame qabatee deemuu qaba.sababni immoo gurbaa fuudha hedu ta'uu kan beekamu kanaan waan ta'eef.
- ❖ Albee hidhatee deemu qaba.sababni jaanniin gurbaa fuudhu ni barbaaddi jedhamee waan amanamuuf.
- ❖ Nyaata qamaa jabeessuu nyaachuu.

**4.3.1.10 Laguu gaafa guyyaa cidhaa**

- ❖ Hamaamotni ganama yeroo manaa gurbaa fuudhuutii ba'an haadhaa fi abbaan booka, annnaniifi margaa jidhaa qabatanii ebbisuu malee abaruun safuudha.
- ❖ Hamaamotni manguddoo malee deemuun safuudhaa. Jarsaa guddaa kana dargaggootni duraa bu'aanii deemuun safuudha;

**4.3.1.11 Yemmuu mana gurbaa olseentuu**

Misirroon dhuftee mana gurbaa akkuma geetteen haati, haati warraa jaallaanni aannan sabareetti qabatanii erbee loonii balbala fuuldura kallattii mirgaatiin afuun margaa jiidhaa ,buna duudaa,garbuufi hiddii erbicharratti facaasuun yookiin naquun misirroofi jaaltonni erga irra taa'aniin booda aannannicha harkaatti qabatan sana itti biifanii; horaa laliisaa jechuun eebbisu. Sana booda misirroo olkaasuun iddoo isheef qophaa'e geessuun uffata ishee hundaa irraa baasuun baanaa haaraa itti uffisanii akka boqqonaa fudhattu tasiisan.

**4.4 Maqaalee lagataman**

.Akka odeefannoon manguddoo irraa funaannadheetti misirroowwan lamaan erga walfuudhanii walwajjiin jiraachuu eegalanii maqaa walii isaanii, obboloottan walii isaanii, abbeeraa walii isanii, eessuma walii isaanii, adaadaawwan walii isaanii, akkoo fi akaakayyuu walii isaanii, jaaltota isaanii fuulaa fuulatti maqaa hin dhahan. Abbicha kallattiin waamu taanaan safuufi kabaja hawaasichi waliif qabutu caba waan ta'eef kan safuu kana cabsee argame ni tuffatama.

Yeroo maqaa kara lachuun jiru waamuu hin barbaanne tooftaa garagaratti dhimma bahu. Akaakuufi unki maqaalee lagatamanii kun akka armaan gadiitti dhiyaatu.

### 4.4.1. Maqaa Abbaa warraa ykn dhirsaa

Aadaan fuudhaafi heeruma Oromoo kan saboota biroorraa garaagarummaa qaba. Safuu Waaqa birattis ta'e akka aadaa Oromootti, gaa'ela kan raawwatu namoota lama. Isaanis dhiira tokkoofi dubara tokko gidduutti Filee (2016:121). Kunis ulfina namoota walfuudhanii gama lamaaniin agarsiisan adda ta'uu agarsiisa. Akka maanguddoonni Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo afgaaffiifi marii gareerratti hirmaatan ibsanitti, haati manaa maqaa abbaa warraa ishee qofaa waamuu dhiisti osoo hin taane maqaa firoottan abbaa manaa isheellee kan lagattuudha.

Kanneen lagataman kuni mmoo haadha/soddaatii, abbaa, abbaa abbaa yookiin soddaa, haadha abbaa, jaaltota, haadha haadhaa, obboleessa, obboleettii, obboleessa abbaasaa/abbeeraasaa obboleessa haadhasaa, obboleettii haadhasaafi firoottan biroon marti kan lagatamaniidha.

A. Qooda maqaa fayyadamti

Maqaa abbaa manaa ishee waamuurra qooda maqaa kanneen akka isin, isaan, keenya, jettee fayyadamti. Fakkeenyaaf

- Isin maal hojjattu?
- Isaan dhufanii? Jettee bakka maqaasaa buusuun fayyadamti.

B. Agarsiistota dhuunfummaa agarsiisan fayyadamuun

Yeroo abbaa manaa ishee alkallattiidhaan maqaa waamtu haati manaa abbaa manaa/jaarsa/warra jedhanitti agarsiistota abbaa qabeenyumma kanneen akka koo/kiyyaaf keenya itti idaateellee ni waamti.Fakkeenyaaf,

- Abbaa manaa kiyya/koo koottu.
- Jaarsa kiyya/kootu jechuudhaan fayyadamtee ibsuu dandeessi.

C. Maqaa ilma isaaniitiin

Haati manaa bakka maqaa abbaa manaa ishee maqaa daa'ima/ilma argataniin yookiin argachuu hawwaniin bakka maqaa abbaa manaa ishee buuftee fayyadamuun waamuu

dandeessi .Fakkeenyaaf,yoo mucaan isaa inni hangafaa Abdii ta’e Abbaa Abdii jettee waamti. Kana jechuun jecha abbaa+maqaa ilma isanii itti dabaluun waamuu jechuudha.

### 4.4 .2 Maqaa abbaa gurbaa /Soddaa/

Haati manaa abbaa manaa isheetiin alas maqaa abbaa gurbaa /soddaa/ ishee waamuu ni lagatti. Sababiin isaa immoo kabaja isheen qabaachuufii qabdutu baay’ee guddaa waan ta’eefi.Yeroo baay’ee tooftaan ishiin ittiin soddaa ishee waamtu akkaataadhuma abbaan manaa ishee itti waamuuni.

- Aabba, Aabbichoo, Aabbiyyoo, Daaddaa, Abbaabbaa, Gaashee
- Qoodaa maqaa isaan/isin jettee soddaa waamuu ni dandeessi.

Isaan kan jettu yoo waa’ee soddaa ishii nama birootti haasofti ta’eedha.Isin kan jettu immoo yoo ofuma isheetii bira geettee qaamaan itti dubbattuudha.

Gama birootiin immoo yoo maqaan soddaa ishee fakkaatu/moggoo isaa ishee mudate isas maqaa isaa kallattiin waamuu ni qaanofti. Fakkeenyaaf  maqaan soddaa isheeTolaa yoo ta’e Tulluu jettee,Ibraahim yoo ta’e Shibraahim jettee waamuu dandeessi.Adeemsa kana keessa wanti ishiin goote  bakka qubee o fi aa maqaa tolaa keessa jiranii qubee u f i uu Tulluu keessa jiraniitti jijjiiruufi qubee jalqaba maqaaniirraa ka’u jijjiiruun /I-Sh/ jechuudha.

### 4.4.3 Maqaa soddaatii /Haadha gurbaa/

Dubartiin heerumte tokko maqaa haadha abbbaa manaa/soddaatii/ishee maqaa waamuun baay’ee qaaniidha.Tooftaan isheen soddaatii waamuuf gargaaramtu keesaas tokko akkuma abbaan manaa ishee haadha isaa itti waamutti waamuudha.Fakkeenyaaf,

Aayyaa, Baabbaa, Aaddaa, harmee, deettiyyoo, ummii, isaan kan jedhuufi yoo maqaan soddaatii Jamiilaa ta’e Soommiilaa, zaaraa yoo ta’e saaraa fa’a jettee maqaa kallatti sana lagachuun waamti.

Yoo abbaan gurbaa haadha manaa biraa qabaates isheenis akkuma kanatti waamti.Karaa birootiin wanti dagatamuu hin qabne tokko haadha  manaa abbeeraa/aabba guddaa /gurbaas tooftama  haadha gurbaa waamuuf fayyadamtuun waamti.

### 4.4.4. Akkoof akaakayyuu gurbaa

Haaati manaa garbaa maqaa akkoof akaakayyuu hindhooftu. Akkaataan ittiin waamtu qabdi.

- ✓ Akkoo/akaakayyuu

### 4.4.5 Obboleettii gurbaa

Maqaa dubartiin heerumte tokko maqaa hin dhoofne keessaa kan biroommoo obboleettiiwwan durbaa gurbaati.Ijoolleen durbaa kan abbeeraas akkaasuma maqaa hin dhahaaman.Yemmuu obboleettii gurbaa waamtu tooftaa isheen fayyadamtu keessaa waanuma  inni jedhee waamuun waamti.Fakkeenyaa

- ✓ Baabbaa,Aadda,.sayyuu ,intala haadhaa  jettee waamti

### 4.4.6 Obboolewwan gurbaa

Obbolaawwan dhiira abbaa mana ishee fi kan abeerraa ykn wasillaani maqaa dhooftee hin waamtuu. Tooftaan dubartiin heerumte tokko abbeeraa/waasilaa obboleewwan abbaa gurbaa ittiin waamtuu tooftaatti fayyadamti.Abeerraan ykn maqaa ilmaa inni qabuun waamti fkn yoo maqaan abbeeraa gurbaa milkeesa ta’e maqaan ilma isaa immoo naabek  ta’e akkas jettee waamti abbaa naabeek jettee  bakka milkeesa buustee waaamti.Dabalataan ilma hadhaa jeettees ni waamti.

Hadhaa mana abbeeraa/waasila abbaa mana ishee aayyoo/aayyaa jettee fayyadamuun yookiin maqaa ilmaa ishee hadhaa Naabeeki jettee waamti.

### 4.4.7. Maqaa Eessuma ykn adaadaa gurbaa

Intalli horumtee essuma maqaa dhahuu ni salfati kanaaf tooftaan isheen fayyadamtuu akkumaa abbaa manaa ishee waamuun waamuudha.iddoo bay’eetti dachaa gootee kabajaan  waamti. Fakkeenyaaf,

- ✓ Adaadoonfaan/essumoonfaa, gaashee jettee ni yaamti.

### 4.4.8. Maqaa abbaan manaa waamuu lagatu

Aadaa oromoo keessatti abbaan manaa hadhaa manaa isaa maqalee waamuu lagata ni qaba.kunis hadhaa manaa isaa, abbaa fi hadhaa akasumaa firoota dhihoo maraa ni hammata. Akka

odeefannoo dirreetti arganneetti gurbaan fuudhu maqaa eenyuu waamuu akka lagatu tooftaan inni bakkaa buusee waamu haalumaa armaa gadittii ibsima.

#### 4.4.9 Maqaa haadha mana isaa

Akkuma oddeefannoo dirree irraa arganerratti aadaa oromoo duraanii keessatti abbaa manaa hadhaa manaa isaa kallattiin waamaa hin turee adeemsaa keessaa kallattiin waammuun jalqabamuus yeroomaa ammaa kanalee kan kallattiin hin waamneellee ni jiru. Tooftaan inni ittiin fayyadamee hadhaa manaa isaa waamuu,

- ✓ Hadhaa manaa tiyya
- ✓ Warraa kiyyaa
- ✓ Jaartii tiyyaa
- ✓ Inaayee jedhuun kaniinitti jijjiree ittiin waamuu ni danda'a.Akkasumas maqaa maatiin isaa isheef moggaaseenis ni waama.

#### 4.4.10 Maqaa abbaa Intalaa/Soddaa isaa

Abbaan manaa maqaa soddaa isaa kallattiin waamuun qaanii guddaadha.Yeroo baayee akkuma haati manaa isaa, abbaa ishii waamtutti waama.Fakkeenyaaf, abbaa, abbaabboo, daaddaa, Soddaatii isaa akkuma intalli ishii, jechuun haati manaa isaa waamtutti waama. Fakkeenyaaf, Aayyoo, aayyaa, baabbaa, aaddaa, abaayyee,daddaa

#### 4.4.11 Maqaa obboleettii fi obboleessa haadha manaa isaa

Obboleetti haadha manaa isaas maqaa ishee idileen waamuun laguudha.Kanaaf jecha yeroo baayee waanuma haati manaa isaa jettee waamtuun waama.

- ✓ Fakkeenyaaf Baabba, Aadda

Maqaa obboleessa haadha manaa isaas kallattiin waamuun safuudha. Kanaaf, tooftaa ittiin waamantu jira. Isaan keessaa tokko isin jedhee waamuu danda'a.Inni lammaffaammoo maqaa moggaafatee bifa addaan waamuu danda'a.

#### 4.4.12 Maqaa firoottan haadha manaa isaa

Akka hawaasa Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo lagannaan maqaa firroottan haadha waarraas kan itti fayyadamamudha. Abbaan manaas akkuma haadha manaa maatiiwwaniifi firoottan haadha manaa isaa hunda haaluma walfakkaatuun kan lagatuudha. Haalli lagannaa sirna gaa'elaa

keessatti mul’atu kunis gama lamaaniinuu kan taasifamudha. Dhiironni garaagaraa obbolaa lama yoo fuudhan dhiironni lameen sun abbaa/obbolaa angafaa kan walii isaanii maqaa isaaniitiin hin waamani. Maqaa Abbeeraaf haadha manaa isaa, adaadaaf eessuma, akkoof akaakayyuu haadha manaa isaas kallattiin hin waamu, akkuma haati manaa isaa isaan waamtutti isaan waama. Fakkeenyaf Arsitti isaan armaan gaditti tarreeffaman maqaa firoottan gama haadha manaa isaatiin jiranii yoo ta’an

| | |
|---|---|
| A.Abbeeraan | aabba, aabbaa guddaa, gaashee |
| B.Eeessumaan | Eeessumoo, gaashee |
| C. Adaadaan | Adaadoo, Abaayyee |
| D.Akkoon | Akkoo |
| E.Haadha manaa abbeeraa | Aayyoo Jaartii Abbeeraa, ayya guddoo |
| F.Akakayyuun | Akaakaa, Akaakoo jedhe bakka maqaa isaanii buusee waamuu ni danda’a jechuudha. |

### 4.4.13. Sirna dhofsiisaa

Sirna dhofsiisaa kan gaggeeffamuu cidhaa boooda borumtaa yoo ta’uu, Gosni gurbaa fuudhuu, jaallaaniifi firoottan isaa walittii dhufuun hadhaa fi abbaa irraa egalaani firoottan isaa irraa qabeenyaa gurbaan ittiin mana bahee bultii eegalatu walitti sassaabuun manaa baasan.Beenyaan guyyaa dhahii kennamu: lafaa, horii, hoola, ree’ee, fardaafi mallaqaafi kkf yoo kennameef dhorkachuun safuu guddaadha.kanaattii aansuun maqaa biroo misiroof ni moggaasuu. Sababni maqaan moggaafamuufi maqaa maatii ishee moggaaseefin maatii gurbaa fudhee biraattii iittiin wamamuun safuudha.maqaan moggaasuu.

Fakkeenyaaf: Maqaaleen yeroo baay’ee moggaafaman keessaa Oromoo arsii biratti kanneen baay’inaan mul’atan; Gannoo, Hortuu, Gabii, Nafoo, Toltuu,Faayoo, Gabbite ,Qananiifi kkf itti moggaasuun maqaa maatiin ishee moggasseef lagachuun ittiin waamu.

## 4.5. Faayidaan laguuf lagannaa fuudhaaf heerumaa hariiroo hawaasummaa keessatti qabu

Maqaaleen namootaa lagataman qabiyyee adda addaa qabu. Akkaataa ergaa isaaniitin qoqqooduun qabiyyeewwan kunniin qaacceffamaniiru. Gochaaleenfi fi maqaaleen lagataman maqaa hawaasni sababoota garaagaraarraa kan ka'e maqaa waamuu dhiisee wanta biroon bakka buusudha. Lagannaan fuudhaafi heeruma keessatti lagataman baay'eedha akka hawaasa Aanaa Leemmuu fi Bilbilootti. Bakka namni maqaan isaa lagatamu kun jiruttis ta'ee hin jirretti lagannaan kun hojiirra oola.

Qabiyyeewwan lagannaa fuudhaafi heerumaa gosa garaa garaati. Isaani haala dhaamsa dabarsaniin gargar baasuun akkaataa armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

### 4.5.1. Maqaalee kabajaaf lagataman

Maqaalee walii kan lagatuuf sababa qaba Uummanni Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo. Aadaa Oromoo keessatti manguddoonni akka hayyoota ammayyaatti waan ilaalamaniif gocha isaan dogoggoraan raawwataniifi mudoo isaan haala uumama keessatti argatan irraa baraaruuf hedduu kan kabajaman sababni inni jalqabaa. Akkataan itti kabajamanis dubbiin, adeemsaan, umuriin, hojiin, beekumsaa aadaafi kkf giddu galeeffachudhani. Kana yommoo jennu hawaasni kun adeemsa hawaasummaan jiraatu kana keessatti dubbii dubbatu keessattis wal kabajaa. Aadaa kana immoo itti fufsiisaa kan waliin jiraachaa tureefi jiraachaa jirudha. Kanneen akka maqaa abbaa warraafi firoottaan isaa, warra haadha warraafi firoottan ishee dabalatee warreen kabajaaf lagataman maqaaleen kabajaaf safeeffataman/lagataman, malee maanguddoota waan ta'aniif qofa miti.

Kabaja isheen abbaa manaasheef qabdu cinaatti seera aadaa sabichaa eeguufillee gahee olaanaa kan qabu haati manaa abbaa warraa ishee maqaa dhahuu/ waamuu yommuu dhiiftu dha. Akkas jechuun haati warraa abbaa manaasheerraa kabaja hin argattu jechuu miti. Aadaa Oromoo keessatti dhiirri hangafa hin fuudhu jedhu maanguddoonni marii gareerratti hirmaatan. Dhiirri tokko quxusuu isaa fuudha. Oromoon immoo angafaaf kabaja waan kennuuf dubartiin kun abbaa manaa ishee maqaa isaa akka arge waamti osoo hin taane kabaja isaaf qabdu maqaa isaa lagachuun agarsiifti. Kanarraa kan ka'e dubartiin fuudhamtu kun hangafatti heerumte jechuudha.

Haaluma kanaan jechoota garaagaraatti fayyadamuun waliigaltee uumuuf kan itti dhimma bahanidha haati manaas ta'ee abban manaa amaatiifi abbiyyuu (haadhaafi abbaa) isaaniitiif. Dabalataanis kabajni isaan gidduu jiru haalaan cimee akka deemuuf gargaara.

Karaa biraatiin immoo akka aadaa Oromootti horii horatanii qabeenya hedduu qabaachuun baay'ee iddoo guddaa kan qabudha. Sababa kanarraan kan ka'e uummanni Oromoo Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo keessa jiraatu namoota horii hedduu qabaniifi kanneen akka qotiyyoofi Fardeen bebbeekamoo qabaniin kabaja abbaan qabeenyaa sun qabuun Abbaa booree, Abbaa magaal abbaa bulloo, jechuun waamu.

Kun immoo abbaan qabeenyaa kun sababa horii hedduufi bebbeekamoo qaburraan kan ka'e hawaasa kana biratti kabaja argachuusaa kan agarsiisu ta'uu manguddoonni tokko tokko kan ibsanidha.

Namoota hawaasa sana keessatti ayyaana qaalluu qaban jedhamani hawaasni tokko tokko kabaja qaalluu sanarraan kan ka'e maqaa isaanii hin dhahin hawaasa Oromoo Aanaa leemmuu fi Bilbiloo tokko tokko biratti maqaalee kabajaaf lagataman kanneen biros jiru.

(Filee 2015:121) jireenya Oromoo keessatti haadha warraa ofii yommuu garaatti baattu qophii abbaan manaa taasisu keessaa tokko soogidda bitee haraatiirra kaa'uudha jedha. Inni kun kan agarsiisu waanti garaatti baatamu sun kan ulfina qabu ta'uusaa agarsiisa. Akka aadaa Oromootti bu'aan fuudhaafi heerumaa inni guddaan dhala godhachuudha. Dubartiin garaatti baattu kabaja guddaa qabdi akka hawaasa Oromoo Aanaa Leemmuufi Bilbilootti. akka maanguddoonni kaasanitti sababni isaa daa'imni garaa dubartii kanaa keessa jiru kun boru yoo dhalate mootummaa biyya bulchu ta'uu danda'a jedhanii waan amananiif kabaja kennuuf. Kabaja dubartii garaatti baattu kana ulfa jedhanii hin waaman isheen mataa lama jedhuun.

**4.5.2. Jaalalaaf maqaalee lagataman**

Aanaa leemmuu fi Bilbiloo keesatti jaalalaaf maqaalee lagachuun akkuma kabajaaf maqaaleen lagataman uummata keessatti ni jiru.Fakkeenyaaf waadaa shamarran lamaan waliif galan olitti kaane kun jaalala isaan waliif qabanirraa kan ka'e maqaa walii lagachuun Addooyyee jedhanii walwaamu.

Akkasumas namni tokko nama jaallatu tokkoon yeroo inni itti maqaa nama sanaa waamuu dhiisee maqaa ofii isaatiin moggaafatee bareeedaa/bareedduu/ simboo jedhanii waamanis hawaasa bira akka jirutti ni kaafama. Kun immoo jaalala nama sanaaf qabanirraa kan ka'e ta'uu kan agarsiisudha. Akkuma armaan olitti kaafamuuf yaalame haati manaafi abbaan manaa illee jaalala waliif qabanirraa kan ka'e kennaa koo /bareedaa koo/ bareeddukoo jedhanii yeroo itti jaalala waliif qaban ittiin maseeffachuun waliif ibsan akka jirutu hawaasa kana biraa dubbatama.

### 4.5.3. Xiinsammuu eeguuf maqaalee lagataman

Uumama dachee kanarra jiru hunda uumaa waliin walqabsiisuun aadaa isaa keessatti Oromoon uumama garaagaraa akkaataa ittiin maqaa waamu qaba. namni uumaa isaa waan sodaatuuf seera uumamaa eegee waa dubbata malee akka isatti dhufetti hin dubbatu uummanni Aanaa kanaallee sirna safeeffannaa kana keessatti hammatama. Namootni qaamaan hir'uu ta'anii uumamaan ykn erga dhalatanii booda qaamni isaanii miidhamaa ta'anii hawaasicha keessa jiraatan hir'ina garaagaraa qabatanii kan jiraataniidha. Gareen hawaasa akkasii kunimmoo akkaataa qaamaan hir'uu ta'uun isaanii itti hin dhagahamneef, safuu waaqaa eeguuf jecha kan safeeffatamaniidha.

Inni biroo immoo Waaqni namoota kana uume waan akkasitti uumeef beeka waan ta'eef, namoota kanaaf ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha jedhu. Maqaalee safeeffataman kanas maqaa biraan bakka buusuun waamuu. Harki caalaan akkaataa kanaan akka safeeffatan kan ta'uuf sodaa xiinsammuu isaaniirraa kan ka'edha.

Kunimmoo namoota kana hir'ina qaamaa isaan qabaniin yoo waamne uumaan nutti gaddee miidhaa nurraan gahuu danda'a jedhanii waan amananiif.

## 4.6. Gahee fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa ijaarsa eenyummaa hawaasaa keessatti qabu

Eenyummaan qabeenya guddaa sabni ykn uummanni tokko erga uumamee eegalee, kuufatee ofharkaa qabuudha. Sabni eenyummaa malee uumamee lafa kanarra yaa'u tokkollee hin jiru. Sabni ykn uummanni kamuu wanta saba biraarraa adda isa taasisee isa ibsu, eenyummaa mataa isaa qaba saba sana ykn uummata san kan isaan jechisiisu wanta mataasaa ni qaba. Xiqqatee xiqqaatu bifti, bocniifi dhaabbiin qaamaa, eenyummaa isaati. Saba tokkoof wanti eenyummaa isaa caaluuf hin jiru. Ummanni eenyummaa hin qabne akka sabaatti dhaabbachuu

hin danda’u. Eenyummaa malee abummaan hin jiru. Saba tokko kan akka sabaatti dhaabu eenyummaa isaati.

Aadaan nyaataa, aadaan uffannaa, aadaan fuudhaafi heerumaa, aadaan kadhannaa waaqaa Afaan, aadaan, seenaan, amantiin, duudhaan safuun, ilaalchi uumaa, uumamaa, falaasamni, akkaataan gadda itti ibsatan sirni boo‘ichaafi awwaalchaa, sirni kabaja ayyanotaa, aadaan sirbaafi kkf garaa garaa hundi eenyummaa saba tokko warra calaqqisiisan keessaa warra bu’uuraafi hangafaati.

Akkuma odeeffannoo kennitootni jedhan afaan isaan itti gargaaraman kanneen akka bamaqaa, maqaalee, masoo, gaalee maqaafi kkf bakka maqaa lagatan sanaa bakka buusuun ittiin waamu. Fayyadamni afaanii kun immoo aadaan hawaasa kanaa akka ijaaramaa deemu taasisuurratti gahee guddaa kan qabudha

Akka maanguddoonni afgaaffiin dhiyaateef jedhanitti haalli hawaasni tokko itti walto’atuufi waltikfatu ykn sirni bulchiinsa saba tokko aadaa, seenaa, safuufi safeeffannaa, hawaasa sanaarratti waan hundaa‘uuf eenyummaan saba sana ibsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Aadaan afaan ibsa afaan immoo aadaa guddisuufi dagaagsuuf gahee guddaa qaba. Afaanitti fayyadamuun aadaan tokko calaqqisiifama, tursiifamaafi ijaaramaa deema. Afaaniifi aadaan immoo adda ba’anii hin ilaallaman. Yaada waljijjiiruufis ta’e walhubachuuf fayyadamni afaanii murteessaadha. Afaan bakka bu’ee aadaafi eenyummaati. kana ilaalchisee;

> Kramsch (1998)yoo ibsu; “Language and culture are bounded together in three;Language expresses,language embodies cultural reality, Language symbolize cultural reality” jedha.

Akka yaada hayyuu kanaatti aadaafi afaan walitti hidhinsa guddaa kan qabu ta‘uu isaati. Lagannaan kan hawaasni ittiin walkabajuuf walsirreessuuf, uumaa isaa sodaatee jiraachuuf kan itti fayyadamudha.

Afaan keessayyuu afaan sabni aadaa sana tarkaanfachiisu yoo ta’eedha. Eenyummaan aadaa hawaasa tokko immoo kan inni tarkaanfatu, adeemsa isaa osoo hin jijjiiriin kan inni dhalootaaf darbuu danda’u afaaniitti fayyadamuuni.

Dimshaashumatti fayyadamni afaanii eenyummaa aadaa hawaasa tokko ijaaruu keessatti gaheen olaanaa qaba. Afaanitti fayyadamuu hawaasni aadaa isaa kan garagaraa kana adda baasee ittiin walgorsee, walbarsiisee dhalootaaf dabarsuu qaba. Afaan eenyummaan saba tokko immoo kaninni adda bahee beekamu afaan itti gargaaramu sanaan waan ta’eef aadaan saba tokkoos kan beekamu/mul’atu taasisa. Afaan eenyummaa aadaa hawaasa tokkoo kan ijaaraa deemu waan ta’eef aadaan jirachuuf afaan jiraachuu qaba.

# BOQONNAASHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YAADA FURMAATAA

## 5.1. Cuunfaa

Aadaafi duudhaan uummanni Oromoo qabu keessaa lagannaan isa tokko. Lagannaan gosoota garaagaraatu jira. Isaanis lagannaa gochaa, lagannaa yaadaafi lagannaa maqaati. Kanneen kana keessaa qorannaan kuni kan irratti xiyyeeffatu lagannaa fuudhaafi heerumaa irratti. Kaayyoon Gooroo Qorannoo kanaa fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa Godina Arsii Aanaa Leemmuufi Bilbiloo xiinxalurratti fuulleffata.

Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala filmaata iddattoo kaayyeffataatti dhimma bahuun kan gaggeeffameedha. Mala kanatti dhimma bahuun odeeffannoo madda odeeffannoo tokkoffaa irraa walitti qabamaniiru. Maddi odeeffannoo tokkoffaan odeeffannoo namoota waa‘ee lagannaa fuudhaafi heerumaa beekanirratti muuxannoo gahaa qabanirraa ykn maanguddootarraa funaanamani. Meeshaaleen funaansa odeeffannoo qorattuun dhimma itti baate afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannooti. Odeeffannoon guurame bifa ibsaatiin balballoomeera.

Qorattuun qorannoo kana keessatti malleen tarreeffaman kanatti dhimma bahuun lagannaan fuudhaafi heerumaa isaan kam akka ta’an wa duraa duubaan kan tarreessitee jirti. Warreen lagataman kunneen maqaalee garaagaraan kan bakka buufamanidha.

Qabiyyeewwan maqaaleen lagatamanii kunnii garaa gara.Isaanis sababni maqaaleen lagatamaniif kabajaa, jaalalaafi xiinsammuu namaa eeguufidha. Maqaaleen/jechootni kun immoo sababa lagataman kun immoo fayyadama afaanii garaagaraan bakka buufama. Kanaafuu gahee fayyadamni afaanii eenyummaa aadaa ijaaruu keessatti qabu olaanaadha.

## 5.2. Argannoo

Argannoowwan armaan olii kanarratti hundaa’uun maqaa fuudhaafi heerumaa keessatti lagataman walitti qabamanii xiinxalaman irraa argannnowwan argaman isaan bu’uura ta’an kanneen armaan gadiiti.

- Yeroo mara fayyadama afaanii hawaasni waan lagatuu haalaafi bakka adda addaatti waan garaagaraatiin bakka buusanii dhimma itti bahu. Bamaqaa, gaalee maqaa, maqibsootaafi maqaalee fayyadamni afaanii hawaasni bakka buusuun itti fayyadamuudha.

- Oromoon adeemsa fuudhaafi heerumaa keessatti jalqaba qorannoo wal irratti gaggeessuun gosa/ sanyii firummaa qabaachuufi qabaachuu dhabuu hanga abbaa torbaa erga wal qorataanii booda, yoo firummaa qabaatan ni lagatu yoo hin qabaatin fuudhaaf itti karoorfatu.
- Oromoon ilmatti fuudhuuf yoo intala ilaallatu adeemsi maatii intalaa bira maanguddooni dhaquuf guyyaa isaan qabatan akka milkiitti ilaallachuun waan lagataman hundaa lagachuun hojii irraa oolchaa deemuu.
- Yeroo misirroon mana gurbaa olseenturraa kaasee gochoonni lagataman akkuma jiranitti ta’ee gochoonni raawwatamuu qaban haala simannaa misirroorraa kaasee hanga borumtaa dhoofsiisaa ykn kennaa firoottaniif maatiin gurbaa fuudhee mana baasuuf kennamu muuxannoo gaarii akka ta’e bira gahameera.
- Qorannoo kana keessattii gochoonni guyyaa cidhaa hamaamonni, gurbaafi intalli wal fuudhaan lagatan/raawwachuu hin qabnee akkuma jirutti gachoonni dirqama raawwaatamuu qaban akkaa raawwaataman biraa gahameera.
- Wantoonni lagatan hawaasa keessatti hammi isaanii wal haa caalu malee gareen hawaasaa Oromoo marti kan safeeffatan qabu.
- Maanguddootniifi haawwan umriin bubbulan irra caalaatti waa’ee dhimma kanaa kan beekaniifi ofeeggannoon kan itti fayyadaman ta’uusaa bira gahameera.
- Lagannaan fuudhaaf heerumaa faayidaawwan baay’ee kan qabuudha. Fakkeenyaaf; kabajaa, obsaafi jaalala nama barsiisa.
- Gareen hawaasaa marti, daa’imman namoota isaan hangafan, umriin, dubbiin, safuu ilaallatanii yoo rawwatan jaalalli gidduu isaanitti kan argamu, ofuma isaaniitiimmoo obsa guddaa kan horataniifi walkabajaa akka jiraatan kan taasisuudha.
- Yaad-sammuu ofii boqochiisuuf, waan hamaa irraa ofeeguuf jecha yookiin sodaa uumama sammuu isaanii keessa jiruf hambisuuf lagannaan fuudhaaf heerumaa kan taasifamuuf.
- Maqaa lagatan sana yoo safeeffatan sababni safeeffatamuuf sun nu hindhaqabu jedhanii yaaduun sodaa sana jalaa bahuuf akka taasifamu hubatameera. Qabiyyeewwan maqaalee namoota lagachuu warreen ta‘an kabajaaf, jaalalaafi xiinsammuuf itti fayyadamanii safeeffataman kun irra caalaatti jiraattoota badiyaa biratti ammayyu caalaatti kan calaqqisudha.

- Lagannaa maqaan walqabatu ilaalchisee gurbaafi intalli walfuudhan maqaa dhahuu kan safeeffatan: haati warraa maqaa abbaa warraafi firoottan isa, abbaan warraa immoo firootta haadha warra isaa lagachuun bal'inaan ni mul'ata.
- Sodaa uumaafi uumamaa jalaa bahuuf jecha kan namootni maqaalee kan safeeffatanidha. Fakkeenyaaf, nama miilli isaa hin hojjenne tokkoon naafa yoo jeenne waaqni nama sana uume nutti gadda jedhanii waan yaadaniif safeeffatu..

**5.3. Yaboo**

Lagannaan fuudhaa fi heerumaa kanatti xiyyeeffannoo kennuu dhabuun guddina ykn beekumsa daandii kanaan argamuu danda'u laaffiseera jechuudha. Lagannaa fuudhaafi heerumaa kana dhaloota dhufutti dabarsuufis ta'ee namoota hin beeknetti beeksisuuf

- Godinaalee Oromiyaa garaagaraa hafanitti qorannoo dhimma kanaan walqabatu namootni kanaan booda dalaguu barbaadan cimanii hojjeechuun bifa barreeffamaan osoo dhiyeessanii dhaamsa kooti.
- Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaa aanaa kana keessaa wantoota fuudhaafi heerumaa keessattii lagataman kana walitti qabuun bifa barreeffamaan dhaloota dhufuufi qamoota hin beekne baruuf fedhii qabaniif osoo qoodee.
- Barsiisonni sadarkaa adda addaa keessumattuu afaan barsiisan haala abbaltii kennuun barattootni akka isaan walitti qabanii fidan taasisuun bifa barreeffamaan osoo olkaa'an
- Sirni barnootallee yommuu qophaa'u aadaa lagannaa hawaasa kanaa giddugaleessa godhatee akka qophaa'uuf bifa barreeffamaan osoo olkaa'ame.
- Fayyadama afaanii lagannaa fuudhaafi heerumaa keessatti kan akka aadaa hawaasa kanaa ta'etti osoo barsiifamee dhaloonni safuu hawaasa kanaa baratanii akka guddatan osoo taasifamee gaariidha.
- Haati manaa maqaa abbaa manaa ishee ni lagatti; abbaan manaa garuu maqaa haadha manaa isaa hin lagatu fayyadama afaanii lagannaa maqaa agarsiisu keessatti. Kunimmoo olaantummaan dhiirotaa kan dubartootaa akka caalu waan agarsiisuuf hawaasni walqixxummaa jarreen kanaa eeguun dirqama.

## ***WABIILEE***


1. *Addunyaa Barkeessaa (2010). Naatoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinne:*
2. *Birhaanuu Taakkalaa (2013/ Laguu fi laganaa oromoo, Finfinnee,Oromiyaa*
3. *Alvesso M. (2004). Organizational culture and Discourse: In D. Grant, C. Hardy, C. Oswich& L.L Putname (eds)*
4. *Asima Habibovic (2010). "Taboo Language Swedish teenagers" understanding of and attitudes to English taboo language".Kristians and University. Unpublished thesis*
5. *Ayyuub Ismaa'el (2008). Language Use of Jamican and Rastafarian Community in Shashamane ASociolinguistical Study‖ MA Thesi AAU.*
6. *Beekan Gulummaa (2015). Tuujuba: saayinsiifi dandeettii Afaanii: Finfinnee, Oromiyaa*
7. *Bell. J (1993). Doing your Research project t.A guide for time research in education and social science. Backingham: Open University Press*
8. *Bichakaa Fayyisaa (1996). Aspects of Oromo Cultural Endowments and Their Implication for Economic Development.The journal of Oromo study, V. 3 (1&2)*
9. *Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa (2007). Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Finfinnee: Dhaabbata maxxansa Birhaanii inna Salam*
10. *Biqilaa Tufaa (2008); Qaacceessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii: Xiyyeeffannaa Aanaa Heexosaafi Ardaa Me'ee Bokkoo*
11. *Brown H (2008). Principles of Language Learning and Teaching (5th ed.): San Francisco State University*
12. *Copern L, R. and Carpenter, S. (1976). Language in the market In Bender, M.L. etal (eds.) Language in Ethiopia.London: Oxford University Press, 244-255.*
13. *C.R. Kothar (2004). Research methodology: Methods and Techniques. India: New age International (p), Limited Publisher.*
14. *Dassaalany Seeqaa (2016). Qaaccessa Qabiyyee jechoota laguu: Xiyyeeffannoon Oromoo Godina Wallagga Bahaa Aanaa Kiiramuu keessa jiraatan.*
15. *Dastaa Dassaalany (2009). Bu'uura Qorannoo. Addis Ababa: Mana maxxansaa Boolee. Puplications associon with british council.*
16. *Ilaalcha Oromoo:Biiroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Finfinnee: mana maxxansa Finfinnee.*

17. *Edward Sapir (1921). Language an Introduction to the study of Speech: NewYork: Ottowa O*

18. *Geetaachoo Rabbirraa(2007). Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo.Kuraz International Publishing Enterprise, Addis Ababa: Ethiopia.*

19. *Gee J. P (1999). Discourse Analysis: Theory and methods, London: Rout ledge. Halliday M. (1994). An introduction to Functional Grammar. (2nd ed ). London: Amold Ltd.*

20. *Gammachiis Zewudee (2008/2016). Xiinxala haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee‖ Yuunvarsiitii Addis Ababaa (kan hinmaxxanfamiin)*

21. *Hodge B. (1993) (2nd ed.) Language ideology, London and Newyork: Routledge*

22. *Hoffman C. (1991) An Introduction on Bilingualism NewYork: Longman UK Limited*

23. *James H. Mcmillan (1996). Educational Research Fundamentals for the Consumer (2nd Ed.) Virginia Commonwealth University Harper Collins College Publishers*

24. *John Stone.B. (2008). Discourse Analysis (2nd edn. Oxford; Blackwell.*

25. *Keith Allan and Kate Burridge (2006). Forbidden Words: Taboo and the Censoring of Language.Cambridge: Cambridge University Press*

26. *Leenjiin Quuxoo (2012). Xiinxala laguu foon Beeyladootaafi Bineensotaan walqabatu;*

    *Xiyyeeffannoon Oromoo Waayyuu Shanan*

27. *Li'ulsaggad Irikum (1994). Language Use in Resettement Sites*

28. *Malcolm Sigh (2007). How to research (3rd ED.) England: OpenUniversity press.*

29. *Mark Robson and Peter Stockwell. (2005). Language in theory: a resource book for students: USA and Canada: Rout ledge LTD.*

30. *Mulugeetaa Warquu(2013). Qaaccessa Itti Fayyadama Afaan Oromoo Aanaa Daandii Yuunvarsiitii Addis Ababaa*

31. *Nadia Ghounane (2012). Sociolinguistic View of Taboo Language and Euphemisms in the Algerian Society: Attitudes and Beliefs in Tlemcen Speech Community.Tlemcen University.*

32. *Punch. F(1998). Introduction to social research. New Delhi: Sage Publications Indian pvt Ltd.resolution of disputes (ACCORD)*

33. *Pierre M. Nugues (2006). Cognitive Technologies: London: Springer printing press.*

34. *Ronald Wardhaugh. (2006). An Introduction to Sociolinguistics (5th ED.). UK: Blackwell Publishing.*

35. *Salkie.R (1995). Discourse Analysis: London: Rout ledge.*

36. *Salzmann(2007). Linguistic Anthropology: Published by American Anthropological Association*

37. *Sebastain, L (2002). Understanding Semantics.Oxford University Press: Inc Newyork.*

38. *Stanojevic Maja, (2009). Cognitive synonyms: A General overview: Fact Universitatis, Linguistics and Literture seriess7 (2):193-200.*

39. *Stockwell P (2002). Sociolinguistics: A Resource book for Students.London and NewYork: Routledge.*

40. *Toleeraa Shifarraaw (2004). Wantoota to'annoo daree Afaan Oromoo irratti dhiibbaa fidan kan mana barumsaa cooraa sadarkaa 2ffaa fi qophaa'ina kutaa 11ffaa Yuunivarsiitii Finfinnee Waraqaa qorannoo digirii 2ffaa*

41. *Wolff E (2000)."Language and Society." In Heine, B. and Nurse, D.(eds.) African Lunguages:An Introduction.Camridge University Press*

42. *William Chigidi (2006). Shona Taboos: The Language of manufacturing For Sustainable Development.New York: Oxford University Press Ink.*

43. *Wodak, R. and Meyer, M. (eds) (2002). Methods of Critical Discourse Analysis.London: Sage,pp. 95-120.*

44. *Waldaa Duudhaafi Aadaa Oromoo(2006). Daaniyaa: Finfinnee, Oromiyaa.Commercial Prienting Enter prise*

45. *Xahaa Maammaa (2016). Qaaccessa itti Faayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Agaarfaa Yuunvarsiitii Addis Ababaa .*

**DABALEE “A”**

**UUNKA NAMOOTA RAGAAN IRRAA GUURAMEE**

| LAKK. | MAQAA | SAALA | OMRII | GANDA | HOJII |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obboo Kadir Abbittii | Dhi | 34 | Boqojjii 02 | W/waajjiraa |
| 2 | Aaddee Bashiyyoo Eebbisoo | Dhi | 45 | Boqojjii 02 | “ |
| 3 | Obboo Useen Waashoo | Dhi | 56 | Boqojjii 01 | Qotee bulaa |
| 4 | Obboo Abbaa Dammilee Aayyee | Dhi | 78 | Boqojjii 01 | Qotee bulaa |
| 5 | Aaddee Guyyoo Roobaa | Dhi | 46 | Boqojjii 01 | Barsiistuu |
| 6 | Aaddee Faaxumaa Araarsoo | Dhi | 50 | Jeelaa Gubuuchoo | Qonnaan bultuu |
| 7 | Obboo Fayisoo Anshoo | Dhi | 52 | Jeelaa Gubuuchoo | Barsiisaa |
| 8 | Dar. Abdallaa Aabbuu | Dhi | 35 | Digaluu Roggee | Qonnaan bulaa |
| 9 | Dar Abbittii Usheexxoo | Dhi | 32 | Digaluu Roggee | Barsiisaa |
| 10 | Dar.Nageessoo Fakkiroo | Dhi | 30 | Digaluu Roggee | Qonnaan bulaa |
| 11 | Obboo Aabbee Waaqoo | Dhi | 45 | Digaluu Roggee | Barsiisaa |
| 12 | Obboo Aliyyii Dannaboo | Dhi | 40 | Boqojjii 02 | Qonnaan Bulaa |
| 13 | Obboo Aabbee Shittoo | Dhi | 45 | Boqojjii 02 | Barsiisaa |
| 14 | Shek Amiin A/ramaan | Dhi | 50 | Boqojjii 01 | Imaama |
| 15 | Leencaa Gammadaa | Dhi | 36 | Boqojjii 01 | Qonnaan Bulaa |
| 16 | Saafayoo Huseen | Dhi | 33 | Boqojjii 01 | Barsiisaa |
| 17 | Gammachiis Abdurroo | Dhi | 40 | Boqojjii 02 | Qonnaan Bulaa |
| 18 | Alamaayyoo Usheexxoo | Dhi | 38 | Boqojjii 02 | Waajjira keessa |
| 19 | Caalaa Jimaa | Dhi | 42 | Boqojjii 01 | Waajjira A/Turi |
| 20 | Guutamaa Hirphoo | Dhi | 50 | Boqojjii 01 | Waajjira komu. |

Unka namoota ragaan irraa funaanamanii

| Lakk. | Maqaa | Saala | Umurii | Ganda | Hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 21 | Obboo Tashaalee Badhaasoo | Dhi | 44 | Kakuu | Jaarsa biyyaa |
| 22 | Obboo Dhaabii Gazzaanii | Dhi | 54 | Kakuu | “ |
| 23 | Obboo Fengaa mandoo | Dhi | 56 | Ulluuqqoo | Qotee bulaa |
| 24 | Agabaas Daalee Waayyuu | Dhi | 50 | Ulluuqqoo | Beekaa seenaa |
| 25 | Obboo  Roobaa Heeban | Dhi | 46 | Boqojjii 03 | Beekaa seenaa |
| 26 | Obboo Daddafoo Dhaqqaboo | Dhi | 50 | Boqojjii 03 | Beekaa seenaa |
| 27 | Obboo Ganamoo Margaa | Dhi | 52 | Gurra Guuraa | Barsiisaa |
| 28 | Obboo Jimaa Duubee | Dhi | 65 | Baallammii | Abbaa Gadaa |
| 29 | Dar .Jamaal Dasanee | Dhi | 32 | Odaa | Barsiisaa |
| 30 | Obboo Abdurramaan Dhaqqaboo | Dhi | 37 | Boqojjii 03 | Abbaa gadaa |
| 31 | Obboo Gudii Hamda | Dhi | 45 | Boqojjii 03 | Qonnaan bulaa |
| 32 | Obboo Duubee Kennaa | Dhi | 40 | Boqojjii 03 | Qonnaan Bulaa |
| 33 | Obboo Quufaa Araarsoo | Dhi | 45 | Boqojjii 03 | Beekaa seenaa |
| 34 | Obboo Biifoo Badhaasoo | Dhi | 50 | Boqojjii 03 | Beekaa seenaa |
| 35 | Dar.Badhaasoo Dhaqqaboo | Dhi | 36 | Boqojjii 03 | Qonnaan Bulaa |
| 36 | Obboo Gabawoo Sufuu | Dhi | 33 | Boqojjii 03 | Qonnaan bulaa |
| 37 | Dar.Abbabuu Naguu | Dhi | 40 | Boqojjii 03 | Daldalaa |
| 38 | Barsisaa Kamaal Bakuree | Dhi | 38 | Boqojjii 03 | Barsiisaa |
| 39 | Barsiisaa Taayyee Tolosaa | Dhi | 42 | Boqojjii 03 | Barsiisaa |
| 40 | Obboo Amaan Eda’oo | Dhi | 50 | Boqojjii 03 | I/G/Aa.fi Tur.Mag. |